Filannoo Missirroo

Namoonni dhukkubsatan baay'ee dha. Yeroo tokko
hundumaa bira ga'uu hin danda'u. Garuu, dhaggeeffadhaa.

2 Halkan kana, deebi'ee asitti argamuu kootti gammadeera, galma bareedaa kana keessatti, garee namoota ajaa'ibaa kana gidduutti. Nutis sa'aatii muraasa dura, yeroo achi ol seennu, namoonni karaa irra, ala dhaabbatan akka seenuu hin dandeenye dubbatan. Anis, "Eeyyee, tarii kutaa muraasa isiniif arguu nan danda'a" jedheen. Isaanis akka gadi bu'an hin hayyaman turan. Kanaaf nuti isaaniif bakka ga'aa waan hin qabneef nan gadda. Kutaan gadii galmichaas guuteera, akkasuma. Kanaaf immoo ni gaddina. Garuu asitti argamuu keenyatti ni gammanna, garee tajaajiltoota gaggaarii, fi daldaltoota asitti arguu keenyatti ni gammanna, akkasumas jilli kutaalee biyyattii adda addaa irraa dhufan hundi.

3 Har'a ganama ciree irratti dubbachuuf carraa guddaa argadheen ture, Namoota gaggaarii akkanaa duratti dubbachuun dhugumatti kabaja guddaanan itti boona. Mata duree *Inkridaadni Qamadii Wajjin Hin Dhaalu* kan jedhu irratti ture kanan dubbadhe. Ani lallaba koo hin xumurre. Innis—dogoggora obboloota miti. Hogansichi xiqqoo akka turru nu gochuuf yaalu illee, qofa inni hin dandeenye. Dhugumatti kana nan dinqisiifadha, Obboleessa Demos. Kun baay'ee, baay'ee gaariidha. Ani mirkanumaan gaarummaa keessaniif, tokkoon tokkoon keessan nan galateeffadha. Garuu qofa akka itti fufnu hin barbaanne. Kanaaf nuti saganticha—cufuu qabna turre. Sana nan fudhadha, yeroo biraa, sana xumuruudhaaf, *Inkirdaadni Qamadii Wajjin Hin Dhaalu*. Isin warri as turtan, hubattaniittuu? Yaada isaa hubachuuf kan nuti dubbanne ga'aa dha jedheen yaada.

4 Amma, akkan beekutti, galgala kana mariin gareetu jira, kanaaf, akka isin sana hin darbine, yeroo dheeraa as isin tursiisuu hin barbaadu. Sababni isaas, dhuguma—namoota amantii-Pheenxeqoosxeef bu'aa guddaa qaba, paanaalii kaleessa galgala ilaalle. Garee dhiirota baayyee gaggaarii, deebiiwwan dinqisiisoo, fi qajeelaa ture. Sana arguu kootti, miira gaariitu natti dhaga'ame, Galgala kana, Waaqayyo akka eebbisu nan amana. Eeyyee eenyuyyuu kan ilaalu, haa amanu. Kun kadhannaa koo isa dhugaa ta'a.

5 Kanaaf, har'a, xalayaa fi bilbilaan gabaasonni hedduun dhufaa jiru, walga'ii kanarratti namoonni baay'een fayyuu isaanii ibsu. Kanaaf baay'een gammade. Egaa, namoota dhukkubsatan arguun, gosa tajaajila koo ti.

6 Ani—as kanan dhufe lallabuufi. Ani, beektuu, ani lallabaa miti. Garuu, ani, kanaan, caasluga Keentaakii koo, "hiiz, haayint" fi—jechoonni sun hunduu, kanaaf ani—akka har'a lallabaa jennee waamnutti dubbachuu hin danda'u. Ani—sana ta'uu hin danda'u, sababni isaas ani—barnoota hin qabu.

7 Garuu ani waa'ee Isaa waanan beeku, warra kaaniif, ykn waa'ee Isaa waan natti dhaga'amu, warra kaaniif ibsuun barbaada, akkamitti akkan Isa baradhe, Inni anaaf akkam akka ta'e. Inni jireenya koo guutuu, waanan ta'uu danda'u hundumaa dha, kanaaf osoon mucaa xiqqaa ta'ee jiruu, hamman yaadee olitti, gonkumaa, lafa irratti, baran hiriyaa hin argadhu jedhee yaade irratti ture. Garuu har'a hiriyoota ajaa'iba ta'aniif nan galateeffadha.

8 Ani. . . [Obboleessi tokko akkas jedhe, "Dubatti hin dhaga'amu, Obboleessa Biraanhaam. Xiqqoo itti dhi'aadhu."—Gulaalaa.] Oo, dhiifama. Ana—xiyyeeffannoon koo, bakka ta'etti, bittinnaa'eera jedhe.

9 Amma, kallattiidhaan gara tajaajilaatti galuuf, me dubbisa Caaffatootaa tokko tokko haa ilaallu. Ani—yeroo mara Macaafa Qulqulluu dubbisuun jaaladha, sababni isaa Inni Sagalee Waaqayyoo ti. Sana nan amana. Dubbiin Waaqayyoos isa dogoggora hin qabne ta'uu isaa nan amana. Amma immoo, barreeffamoota Caaffata Qulqulluu muraasa asitti barreesseen qaba. yeroo muraasa, tarii daqiiqaawwan afurtamii-shan, yaadannoowwan muraasa kanan caqasuu barbaadus qaba.

10 Sana booda immoo marii paanaalii kana ilaaluuf ganamaan deebinee ni baana. Waaqayyo immoo ittifufiinsaan akka isin eebbisu nan amana. Maal akka gochuu qabdanis nan beeka. Gara Tuuksanittis oofun qaba, ammas, galgala kana, argitanii, kannaf tilmaamuu dandeessu. Sun deemsa sa'a-kudhanii ti.

11 Gara biyya alaa waanan deemuuf, ganamaan mana yaalaa mootummaatti talaallii busaa keelloo fudhachuun qaba. Kanaaf ani—ani gara sana deemuun qaba. Ani yeroo biraatti dabarseen ture, yeroo darbe, ammas deebi'ee "hin" ta'u yoon jedheen tole hin jedhan. Dabalataan immoo kan teetaanasii fi taayifas, akkasumas talallii buustarii fudhachuun qaba.

12 Kanaaf, ani, waa'ee carraa kanaaf nan galateeffadha, akkasumas—walga'ii gaarii walga'ii taasifnee turreefis dursa kennina. Inni dhuguma garaa koo na gammachiiseera. Isin namoota gaarii dha. Waaqayyo akka isin eebbisu nan amana.

13 Guyyoota muraasa dura, bineensi. . . Guddaan achi fagoo ciisu sun, Alaaskaa keessatti kan of garagalche sun, ganama kana, naannoo Waashingitanitti, ammas ol of darbateera. Inni karaa kana dhufuu ni danda'a, baay'ee salphaadha. Yoo Hafuurri Qulqulluu natti hime yoom illee. . .

14 Namni tokko akkas jedhee . . . na gaafata, "Kun asitti ni ta'aa, Obboleessa Biraanhaam?" Lakki, ani sana hin beeku. Ani qofa hin beeku, hangan beekutti. Sun dhugaa dha.

15 Yeroo hunda isiniif amanamuun barbaada. Ani salphaatti hin tilmaamu, yaada kamiyyuu, ykn muraasa, waanan amanu, ykn waan akkasii hin fudhadhu. Yeroon siinitti himu, ni ta'a. Garuu, jalqaba, Inni natti himuu qaba, sana booda siinittan hima. Addunyaa guutuun raafama keessa akka jirtu ani—nan beeka. Yeroo dhumaa irra jirra. Garuu waanan ta'uu yaale waan tokko . . .

16 Ganama kana Obboleessi Shakariyaan, akkamitti toora kadhannaa keessa darbee dubbachaa ture, achis akka ga'ee fi kaardii sana akka arge osoo namoonni hin dhufin dura, akkamitti akka isaan ilaales, akkasumas—ilaalaa, waan isaan achitti barreessan sana isaanitti himuu fi dhiisuu koo. Isaan kaardiiwwan kadhannaa isaanii irratti waan hunda barreessu, beektuu, inni sun immoo sirrii akka ta'e qofa ilaaluu barbaade. Inni akkas jedhe, dhibboota sakatta'e ture keessaa, tokko illee dogoggora hin argine. Dogoggorri tokko illee hin argamu, argitanii, sababni isaas, hamma—inni Waaqayyoo ta'etti. Ani yoon ofii koo achi keessa galche, achiin booda inni jalqabumarraa dogoggora ta'a.

17 Mucayyoon xiqqoo, yeroo dhiyoo, gara koo dhufte, abbaan ishee taa'ee dhaggeeffachaa jira. Isheen abjuu argite. Akkas jette, "Obboleessa Biraanhaam, abjuun kun maal jechuu dha?"

18 Anis, "Ani hin beeku, obboleettii. Gooftaan yoo natti hime, baree sitti nan hima" jedheen. Kanaaf deemeen Gooftaa gaafachuu yaale, Innis gonkumaa natti hin himne.

19 Mucattiin xiqqoon deebitee gara koo dhufte. Akkas jette, "Tole, amma hiikoon abjuu kootii meerre?"

20 Anis, "Gara kana koottu, damma koo, taa'in" jedheen. Akkasin jedheen, "Abbaan kee fi haati kee anaaf hiriyoota gaarii dha. Argitanii? Kaanaadaa irraa karaa sana hunda dhufanii, soorama ba'anii, ana wajjinis as jiraachaa jiru. Waanan dubbadhu, kana ni amanu. Ani immoo jireenya koo keessatti nama kamiinuu, haa ta'u jedhee, waan dogoggoraa dubbadhee hin beeku. Ani yoo . . . abjuun sun maal jechuu akka ta'e nan beeka jedhee yaade. Garuu hamma abjuu sana ofii koo hin arginetti, achii hiikoo isaas hamma natti hin himnetti, sitti himuu hin danda'u. Argitanii, ani waan tokko uumee yoon sitti hime, yeroo ati du'aa fi jireenya gidduutti na barbaaddu dhufuu danda'a, sana booda immoo ana amanuu ykn dhiisuu akka qabdu hin beektun" jedheen.

21 Ani waan kamiyyuu Maqaa Gooftaan yoon isinitti hime, sun dhugaa dha. Sun kan Inni natti hime dha. Hanga ammaattis, waggaa kana hunda keessatti, guutuu addunyaattis, yeroo tokko illee, Inni dogoggora ta'ee hin beeku. Sababni isaas . . . Amma,

ilmi namaa, akkas kan dogoggora hin qabne ta'uu hin danda'u beektu. Sana gochuuf Hafuura Waaqayyoo barbaachisa.

22 Amma immoo itti gaafatamummaa kanan qabu Ergaan qaba. Yeroo baay'ees namoota gidduutti, akka waan tokkootti ilaalamuun jira, tole, tarii namni tokko taa'ee daqiiqaa tokkoof illee osoo itti hin yaadin, oo, ani—akkan, nama hamaa turetti, Akkan namoota hin jaalanne, yeroo hunda akkan isaan madeessu. Garuu akkas miti. Dhugaa miti. Namoota nan jaaladha. Garuu, beektuu, jaalalli sirreessaa dha.

23 Mucaan keessan xiqqoon achi ala karaa irra yoo taa'e, akkas jettuun, "Mucaan koo, jaalatamaan, achi bakkee akka taa'u hin barbaadu, garuu . . . " Konkolaatonnis yeroo cina isaa saffisaan darban, gara keessatti isa galchita. Innis deebi'ee alatti fiiga. Maaliif, isin isa sirreessuu qabdu. Yoo isa jaalattan, ni sirreessitu. Isin kana gochuu qabdu.

24 Namni tokko bidiruudhaan bishaan irra bololi'aa, gara bishaan yaa'aatti, deemu yoo argitan, yeroo inni yaa'aa sana tuqe bidiruun xiqqoon sun liqimfamuuf akka jiru ni beektu, akkas jettu ta'a, "Yohaannis, ati, tarii yeroo muraasa yaaduu qabda, tarii ooluu dhiisuu dandeessii"? Ani akka inni hin oolle yoon beeke, bidiruu keessaa isa baasuun yaala, yoon danda'e, kan akkas godhu jaalala waan ta'eefi dha.

25 Ammas, ergaawwan amma dubbadhu kana keessatti, ani gonkumaa barsiisa, ykn kkf kamuu fiduu hin yaalu. Ani—ani waldaa koo keessatti kana nan godha. Garuu dhiirotaa fi dubartoota yaadota garagaraa fi dhaabbata amantii garagaraa qaban gidduutti, ani bifa saphaa ta'e qofaan, ibsuun barbaada; garuu Hafuura Waaqayyoo irraa yoo dhalattan, ani waanan dubbadhu akka isin hubattan nan amana, namoota Kiristaanota, Meetoodistii, Baaptistii, Pireesbaayiteeriyaan gidduutti, warra-kaanis.

26 Amma, galgala kana, gara Seera Uumamaa, boqonnaa 24tti deebi'uun barbaada. Ani Seera Uumamaa boqonnaa 24ffaa . . . lakkoofsa 12 irraa eegalee dubbisuun barbaada.

> *Hojjetichis, Yaa Waaqoyyo* GOOFTAA *. . . isa kan Abrahaan gooftaa kootii, ati har'a adda anaaf kenni, ani sin kadhadha, Abrahaam gooftaa kootti gaarummaa agarsiisi.*
>
> *Kunoo, ani boolla bishaanii kana bira dhaabachaan jira; durboonni warra mandara kanaa bishaan waraabbachuuf ba'uuf jiru:*
>
> *Ani durba tokkoon, Mee bishaan dhugaa gomboo kee gadi anaaf qabi, nan jedha, ani ishee nan kadhadha, tarii ani nan dhuga; isheen immoo, ati Dhugi, gaalota kees nan obaasa yoo anaan jette: isheen kun ishee ati Yisihaaq garbicha keef yaaddee qopheessite haa taatu;*

kanaanis ati gooftaa kootti gaarummaa argisiisuu *kee nan beeka . . . jedhe.*

27 Itti aansuun Macaafa Mul'ataa bananna. Seerri Uumamaa, Macaafa Qulqulluu jalqabaa ti. Amma, Macaafa Qulqulluu keessaa kutaa isa dhumaa, Mul'ata boqonnaa 21, lakkoofsa 9 irra isa jiru dubbisuun barbaada.

28 Caaffanni Seera Uumamaa asitti maal akka jedhu beekna . . . Isin boqonnaa isaa guutuu dubbisaa, yoo barbaaddan. Elii'ezaar kan erge Waaqayyo. Ykn, Abrahaamtu Elii'ezaar erge, dhiifama naaf godhaa, misirroo Yisihaaqiif akka filatu erge. Ribqaan isheen bareeddunis ni dhufte, guutummaatti deebii kadhannaa kan—kan Elii'ezaar taate, kadhannaa garbicha Abrahaam kadhateef.

Amma Mul'ata boqonnaa 21 irraa lakkoofsa 9ffaa bananna.

Ergasii ergamoota torban warra waciitii torba dha'icha gara dhumaa torban keessa guutan of harkaa qabu turan keessaa inni tokko dhufee, anatti dubbatee, Koottu, ishee misirroo haadha manaa Hoolichaa, sitti nan agarsiisa, jedhe.

29 Amma akka mata dureetti kanan fudhadhu, galgala kana, sanaaf: *Filannoo Missirroo* kan jedhu dha. Kunoo, yoo obboleessi koo kan asitti waraabu yoo ta'e, kun teepii ati fudhattee gadhiisuu dandeessu dha.

30 Akkasumas amma, kana keessatti, kallacha gumii asitti argamu kanaaf kana dubbachaa jira jechuu miti, garuu teeppii kun naannoo addunyaa deema. Isaanis, qabatamaan, oo, afaanota baay'eetti, gara biyyoota ormaa addunyaa guutuutti illee hiikamaniiru. Teeppii, bilisaan, hawaasa waldaatti isaaniif ergina. Isaanis hiikamaniiru. Teepponni kun bosona Afrikaa keessa guutuutti, gara Indiyaa, akkasumas addunyaa maratti, raabsamu.

Amma, Misirroo filachuu!

31 Wantoota jireenyaa hedduu keessatti filannoon nuuf kennameera. Akkaataan jireenyaa, mataan isaa filannoodha. Karaa ofii keenyaa filachuuf mirga qabna, karaa ittiin jiraachuu barbaannu filachuuf mirga qabna.

32 Barnoonni filannoo dha. Barachuun nu barbaaachisa yoo ta'e, ykn barachuun nu hin barbaachisu yoo ta'e filachuu dandeenya. Sun filannoo qabnu dha.

33 Sirrii fi dogoggorri filannoo dha. Dhiirrii, fi dubarri hunduu, dargaggeessii fi dargaggeettiin, sirnaan jiraachuu yaaluu ykn jiraachuu dhiisuuf filannoo qabu. Inni filannoo dha.

Filannoon waan guddaa dha.

34 Galmi keessan Bara Baraa filannoo dha. Tarii immoo, galgala kana, tokko tokkoon keessan filannoo kana—gootu,

Bara Baraan keessan eessatti akka dabarsitan, galgala kana osoo ajaajilli hin xumuramin dura. Yeroon tokko ni dhufa, sunis, Waaqayyoon deddeebitanii gantu yoo ta'e, Waaqayyoon yeroo dhumaaf kan Isa gantan. Araaraa fi firdii gidduu sarari jirti. Dhiirri ykn dubartii, dargaggeessa ykn shamarra, sarara sana qaxxaamuree deemuun balaa qaba, sababni isaas daangaa yeroo kutanii deebi'uun hin danda'amu. Kanaaf, galgala kana, tarii yeroo itti baay'een isaanii—murtoo godhan ta'uu danda'a, dhuma kan hin qabne Bara Baraan bakka itti dabarsan.

35 Jireenya keenya keessatti filannoo kan biraas ni qabna, sunis, filannoo gargaartuu jireenyaa ti. Dhiirri dargaggeessi ykn dubartiin dargaggeettii, jireenya isaanii keessatti dhaabbatanii, mirgi filachuu—kennameefiira. Dargaggeessi ni filata. Dubartiin dargaggeettin mirga fudhachuu ykn diduu ni qabdi. Garuu inni ammayyuu filannoo dha, gama lamaaniinuu. Garuu dhiirris dubartiinis, mirga filachuu ni qabu.

Isinis, filachuu qabdu, akka Kiristaanaatti.

36 As Ameerikaatti, hanga ammaatti, waldaa deemuu barbaaddan, filachuuf mirga qabdu. Sun mirga keessan kan nama Ameerikaa ta'uu keessanii ti, waldaa deemuu barbaaddan filachuun. Sun filannoo dha. Yoo hin barbaanne, isaan kamiyyuu deemuun si hin dirqisiisu. Garuu isin Meetoodistii irraa gara Baaptistiitti, ykn Kaatolikii irraa gara Pirotestaantiitti jijjiirrachuu yoo barbaaddan, ykn kkf, namni kamiyyuu isinitti himuu ykn gara waldaa ta'e tokkootti isin fiduu hin barbaachisu. Sun bilisummaa keenya—kan keenya. Dimookiraasiin keenyas akkasuma. Namni kamiyyuu ofii isaa filachuu danda'a. Bilisummaan amantii, sun immoo—waan guddaa dha. Hamma dandeenyetti isa akka tursiifnu Waaqayyo nu ha gargaaru.

37 Isinis immoo filannoo qabdu. Yeroo waldaa kana... Filattan, waldaa kana keessa, filachuu dandeessu, waldaa gara bakka Bara baraatti si geggeessitu filachuu fi dhiisuu dandeessu. Isin waldaa ibsa amantii qabdu tokko, kan isin tarii ibsi amantii sun kan isin barbaaddan ta'e filachuu dandeessu. Ykn, waldaa biraa kan ibsa amantii qaban.

38 Sana booda immoo Dubbiin Waaqayyoo jira, kan isin filachuu qabdan. Isin filachuu qabdu.

Seerri hin barreeffamne nu gidduu jira, kan filannoo.

39 Eliyaas akka ture nan amana, yeroo tokko, ol gaara Qarmelewoos irratti, erga agarsiisfni ta'ee booda, akkuma isa gara keenya dhufuuf jiruu yeroo rakkina guddaa tokkotu ture. Tarii immoo, siif ykn anaaf ta'uu danda'a, galgala kana, filannoo kana kan goonu, akkuma muuxannoo gaara Qarmelewoos. Dhugaa dubbachuuf, amma addunyaa maratti, adeemsifamaa jira natti fakkaata. Garuu dhiyoo yeroon filannoo gochuun sirra jiraatu ni dhufa.

40 Isin immoo namoonni as jirtan, waldaa dhaabbata amantii keessanii, kana qofa amanaa, yerichi sirrii akka ta'e, yeroon isin filannoo itti taasiftan. Isin gara Mana Maree Addunyaatti makamtu, ykn ammoo kana booda dhaabbata amantii ta'uu dhiiftu. Isin sana gochuu qabdu, filannoon sun immoo yeroo dhiyootti ni dhufa.

41 Akkasumas hanga sa'aatii dhumaa sanaatti eeguun waan balaa dha, akkasuma, sababni isaas isin gara wanta gonkumaa keessaa ba'uu hin dandeenyeetti galuu dandeessu. Beektuu, yeroon akeekkachiifamuu dhufuu danda'a, sana booda, sarara akeekkachiisaa sana yoo addaan kuttan, sana booda kallattii biraan mallattoon isin irratti taasifama, bakka bu'aa kan biraa taatu.

42 Yaadadhaa, yeroo barri iyyubeeliyyuu dhufu, lubichi—xurumbaa afuufee yeroo gulufsiisu, garbichi hundi bilisa ba'ee deemuu danda'a. Garuu isaan bilisummaa isaanii kana fudhachuuf yoo fedhii dhaban, achii mana qulqullummaatti fudhatamu, gara utubaa tokkotti, kan gurra ittiin uraniinis uramee, sana booda immoo yeroo hundumaa gooftaa isaa tajaajila. Inni gurra isaa irra taa'a akka mallattootti, kan dhageettii. "Amantiin dhaga'uu irraa dhufa." Inni xurumbicha dhaga'eera, garuu inni isa dhaggeeffachuu hin barbaadu.

43 Yeroo baay'ees, dhiironnii fi dubartoonni Dhugaa Waaqayyoo yeroo dhaga'an, yeroo Inni immoo mul'atee mirkanaa'etti, Dhugaa, garuu ammallee Isa dhaga'uu hin barbaadan. Sababni biraa ni jira. Isaan filannoo biraa filatan qabu, Dhugaa fi sirrii waan ta'e dhiibuu irra, kanaaf gurri isaanii Wangeelaaf cufaa ta'uu danda'a. Isaan deebi'anii Isa hin dhaga'an. Siif gorsi koo, yeroo Waaqayyo garaa keetti dubbatu, battalumatti tarkaanfii fudhadhu.

44 Eliyaas filannoo tokko isaaniif kenne, isaan filachuu qabu turan: "Isin waan waaqeffattan filadhaa. Waaqayyo yoo Waaqayyoo ta'e, Isa waaqessaa. Garuu yoo Ba'aal Waaqayyoo ta'e, isa waaqessaa."

45 Amma, akkuma waan uumamaa hundi fakkeenya waan hafuuraa ta'uu isaa arginu, akkuma barumsa ganama keenya keessatti ilaalle, akkuma aduu fi amala isaa. Sun Macaafa Qulqulluu koo isa jalqabaa ture. Macaafa Qulqulluu fuula tokko illee osoon hin dubbisin dura, Waaqayyoon beeka ture. Sababni isaas, Macaafni Qulqulluun uumamaan bakka hundumaatti barreeffameera, akkasumas inni Dubbii Waaqayyoo wajjin qofa firooma: akkaataan du'aa, awwaalchaa, fi du'aa ka'uu uumamaa; akkasumas aduun baatu, ceetu, lixu, duutu, fi irra deebitee yoo baatu. Wantoota uumamaa keessatti, waa'ee Waaqayyoo barreessuu dandeenyu hedduutu jira, garuu Ergaa kanaaf, isaan bira darbuu qabna.

46 Amma, yoo wanti hafuuraa, ykn, wanti uumamaa fakkeenya waan hafuuraa ta'e, Sana booda, misirroo filachuun uumamaan, fakkeenya Misirroo, Misirroo, hafuura keessatti filachuu dha.

47 Amma haadha manaa yeroo filannu dhimma cimaa dha, sababni isaa dhiirri tokko "hanga duuti gargar nu baasutti" jedhee waadaa gala. Bifa sanaan eeguu qabna. Kakuu kana immoo Waaqayyoo duratti galtu, kan gargar isin baasu du'a qofa. Nutis kan yaaduu qabnu . . . Nammni sammuu nagaa qabu, karoora gara fuul duraa kan baasu, inni haadha mana of eeggannoon filachuu qaba. Waan gootan of eeggannoodhaan taasisaa. Dubartiin tokkos abbaa manaa yeroo filattu, ykn filannoo abbaa manaa yeroo simattu, waan isheen gootu of eeggannoo dhugaa gochuu qabdi, keessumaa guyyoota kanatti. Namni tokko osoo haadha manaa hin filatin dura itti yaaduu fi kadhachuu qaba.

48 Akkan yaadutti, amma baay'ee . . . Wal hiikuun waan baay'ataniif, dhimmoota wal hiikuun, nuti warri Ameerikaa addunyaa dursaa jirra. Nuti addunyaa isa hafe dursaa jirra. Biyya kana keessa, bakka bira caala wal hiikutu jira. ta'uu qaba ture, biyya Kiristaanaa, jedhamee yaadama. Mana murtiiwwan hiikkaa gaa'elaa keenya, salphina akkamiiti! Akkan yaadutti, sababni isaa, dhiironni Waaqayyoo irraa waan fagaataniif, dubartoonnis Waaqayyoo irraa waan fagaataniifi dha.

49 Kana, beekna, dhiirri tokko yoo kadhatee dubartiin tokkos dhimmicha irratti yoo kadhatte; qofa ija babbareedaan, ykn gateettiin gurguddaa cimaa ta'aniin, ykn waan akka sanaatiin, ykn miidhagina addunyaa ilaaluun osoo hin ta'in; jalqaba gara Waaqayyoo ilaalanii, akkas haa jedhan, "Waaqayyo, kun karoora keetii?"

50 Ani akkan yaadutti, har'a, akkuma mana barumsaatti, gowwoomsaan baay'ee dha. Yeroo—ijoolleen darban, ganama dhufan, ijoolleen naannoo sana jiran hedduun, sanuma—hiriyoonni koo sun, dhufanii akkas jedhu, "Obboleessa Biraanhaam, nuuf kadhattaa? Har'a—battallee qabna. Ani—galgala guutuu qu'adheera, firii gaarii—waanan argadhu natti hin fakkaatu. Naaf kadhadhu." Akkan yaadutti, mucaan mana barumsaa kamiyyuu, yoo ati, yoo . . . Maatiidhaan immoo ganama miinjala irratti, akkas jechuu qabdu, "Haadha koo, Joon har'a battallee qaba. Mee amma isaaf haa kadhannu." Akkan yaadutti waan karaa biraatiin gootan hundumaa isatu caala, ykn waraqaa nama biraa ilaaltanii garagalchuu irra, akkan yaadutti, dhimmicha irratti baatanii yoo kadhattan wayya.

51 Nutis yeroo gaa'ela hundeffachuuf deemnu maal akka goonu osoo qu'annee, yeroo haadha manaa keenya, abbaa manaa keenya filannu, osoo irra deebinee qu'annee! Namni tokko jabeessee kadhachuu qaba, sababni isaas jireenya isaa hunda

balleessuu danda'a. Yaadadhaa, kakuun sun "hamma duuti gargar nu baasutti," akkasumas filannoo dogoggoraa gochuun jireenya isaa balleessuu danda'a. Garuu inni maal akka ta'e osoo beekee, inni filannoo dogoggoraa gochaa jira dubartii isa hin ginne akka fuudhu erga beekee, callisee fuudha yoo ta'e, sun dogoggora isaa ti. Abbaa manaa ta'uuf kan hin malle ta'uu yoo beektee, sana booda dubartiin yoo heerumte, sana booda sun dogoggora ishee ti, dogoggora ta'uu isaa fi sirrii ta'uu isaa erga beektee booda. Kanaaf, hanga sirriitti kadhatanii xumurtanitti gochuu hin qabdan.

52 Waldaa filachuu irrattis akkuma kanatti hojiirra oola. Amma, waldaa kiristaanaa itti hirmaachaa jirtan irratti kadhachuu qabdu. Yaadadhaa, waldaaleen kiristaanaa hafuura qabu.

53 Amma, ceepha'aa ta'uu hin barbaadu. Garuu jaarsa ta'uu koo hubadheera, as dhiisee akkan deemu immoo beeka, guyyoota kana keessa. Anis deebiin itti kenna Guyyaa Firdii irratti kanan galgala kana ykn yeroo biraa dubbadhe irratti. Ani immoo, kanaaf, ani baay'ee nama dhugaa fi dhugaan kanan kenname ta'uun narraa eegama.

54 Garuu, ati waldaa keessa yoo seentu, amala waldaa sanaa daftee yoo ilaaltu, qofa paastaricha yoo ilaaltan, waldaanis akkuma paastarii akka gootu ni atgitu. Yeroo tokko tokko, Hafuura Qulqulluu caalaa hafuura kaan kan simannu ta'uu keenya of nan gaafadha. Paastariin tokko baay'ee kan seera jabeessu yoo ta'ee fi kan utaalu yoo ta'e, gumichis haaluma wal fakkaataa ta'ee argitu. Ani bakka paastarii dhaabatee argee isin geessa, mataa isaanii gara fuulduraa fi duubatti kan raasan fi kkf. Isin gumicha ilaaltu, isaan waan wal fakkaataa godhu. Paastariin tokko, waanuma fedhe nyaata yoo ta'e, waldaanis akkasuma ni gooti. Kanaaf, waldaa yoon filadhe, waldaa dhugaa, bu'uura kan qabdu, Wangeela Guutuu kan qabdu, waldaa Macaafa Qulqulluun filadha, ani maatii koo achi galchuuf nan filadha. Filadhaa. Ani nan ilaale . . .

55 Ijoolleen, guyyaa tokko, ilmi Obboleessa Shakaariyaa fi mucaan-mucaa-isaatii, faarfataa dargaggeessaaf, mucaa isa bareedaa sanaaf, akkan kadhadhu gara kana na fidan. Amma deebi'ee dhufe . . . Fireed Baarker, sun maqaa isaa ture, qofa deemicha irraa deebi'ee dhufe. "Fireed du'aa jira," jedhanii, na bilbilan. Sana boodas, 'osoon gara manaatti hin galin, ergaan biraa dhufe, "Amma inni du'eera ta'a" kan jedhu. Akkasumas—dhiigni sammuu keessatti dhangala'uu isaa, qaamni isaas laamsha'ee, du'aa—jiraachuu isaa natti hime, haati manaa isaas akkan kadhadhu barbaadde.

56 Anis, "Oo, ani balali'uu yoon yaale, du'uu danda'a 'osoon ani achi hin ga'in du'a, ammas du'eera ta'a" jedheen yaade. Kanaaf, dafee bilbileen dubartii xiqqoo sana bilbilaan argadhe.

Akkasumas—gurra Fireedi irra, bilbilichas keenye. Inni liqimsuu hin danda'u ture. Ujummoo nam tolchee ittiin liqimsu kaa'aniifii turan. Erga isaaf kadhannee booda, inni akkas jedhe, mallattoodhaan isa nam tolchee qoonqoo keessaa akka baasan dubbate. Inni liqimsuu danda'e. Doktoroonni sana hin amanne. Isaan sana irraa fuudhan, innis liqimsuu danda'e. Inni ol jedhee taa'ee ture, yeroo darbe.

Waldaa tokko; waldaa filachuu.

57 Bilbilli naaf bilbilame, yeroo muraasa dura. Ganama kana, miseensa waldaa kootii kan taate, dhugumaan isheen dhalattuu Luwiisviil kan taate dubartii Baaptistii, isheen barii ganamaan duute. Waldaan koo mana keessa jirus, garee dhugaa namoota of kennan, walitti qabamanii gadi bu'an, osoo namichi seera awwalichaa raawwatu osoo hin kafanin dura, Ishee irra dhaabadhee, hanga lubbuun isheetti deebituttin kadhadhe. Isheenis galgala kana, lubbuun jirti. Jaarsoliin waldaa koo, maaliif, wanti hunduu akka danda'amu baraniiru, gara Waaqayyoo garraamummaadhaan dhufu.

Kanaaf, isin filannoo sirrii gochuu qabdu.

58 Ammas, dhiirri tokko dubartii tokko yoo filatu, innis hawwii isaa fi amala isaa calaqqisiisa. Dhiirri tokko dubartii sirrii hin taane yoo filate, inni amala isaa calaqqisiisa. Ofii isaas wanti inni itti hidhu, waan isa keessa jiru ifatti agarsiisa. Dubartii tokko namni tokko haadha manaa yeroo filatu waan isa keessa jiru calaqqisiifti. Inni waan isa keessa jiru agarsiisa. Alatti maalumaa haa jedhu, waan inni fuudhe ilaalaa.

59 Gara nama Kiristaana ofiin jedhuu tokko, yoon waajira isaan seenu; naannoo keenyan hunda irratti maxanfamee, muuziqaan durii buuggii-wuuggii taphachaa jira. Waan inni jedhu na hin dhibu. Dhugaa ba'umsa isaa hin amanu, sababni isaas hafuurri isaa wantoota biyya lafaa irraa nyaachaa jira. Maal, haa jennu, inni yoo intala sirbitu fuudhe, ykn inni yoo giiftii eejjituu, ykn qofa bareeddu, Utaaltuu ammayyooftuu fuudhe maali? Inni ni calaqqisiisa, waan sammuu isaa keessa jiru agarsiisa, manni isaa fuulduraa maal akka ta'u, sababni isaa ijoollee guddisuuf ishee fudhate. Waan fedhes ta'e ijoollee sana akkasitti guddifti. Kanaaf, waan namicha keessa jiru calaqqisiisa. Namni dubartii akka kanaa qabaatu, waa'ee gara fuul duraa maal akka yaadu agarsiisa.

60 Kiristaanni tokko gocha akka kanaa akka raawwatu tilmaamuu dandeessuu? Lakkii, fira koo. Ani hin danda'u. Kiristaanni dhugaan giiftii bareedduu, fi dubartoota sirban, giiftii eejjitus hin barbaadu. Inni amala Kiristaanaa barbaada.

61 Amma, waa hunda qabaachuu hin dandeessu, dubarri bareeddu tokko jiraachuu dandeessi, dubara biraas, tarii isheen, dhaabbiin ishee *kana* irra caala, tokko isa kaaniif immoo aarsaa gochuu qabda ta'a. Garuu isheen dhaabbii dubartii, ykn kan

dubartii hin qabdu yoo ta'e, isheen immoo . . . bareedduu taatus ta'uu baattus, amala ishee yoo ilaalte wayya, isheen bareeddus taatu ykn bareedduu ta'uu baattus.

62 Amma, sababa kanaaf, inni dhufaa jira, Kiristaanni dubartii tokko yoo filate, dubartii dhugaa, kan lammata-dhalatte filachuu qaba, bifa ishee osoo hin ilaalin. Wanti isheen taate, kan ishee taasisudha. Achiis, ammas, sun amala waaqummaa isaa calaqqisiisa, sammuu keessa waan jirus waan fuul duratti ta'uuf jiru calaqqisiisa, sababni isaa maatiin isaa dubartii akka kanaatiin akka guddatu agarsiisa, karoora gara fuula duraa mana isaatiif qabu.

63 Inni yoo warreen ammayyaa'aa Quufan kana, giiftii eejjitu yoo fuudhe, inni maal eega? Namni kun mana akka kamii qabaachuu danda'a? Intala waa'ee ishee safuu ga'aa hin qabne mana turuu fi mana kunuunsuuf haamilee ga'aa hin qabne yoo fuudhe, waajjira nama ta'ee keessa hojjechuu barbaaddi yoo ta'e, haadha manaa akkamii taati? Ati gargaartuu-daa'immanii, akkasumas waan biraa qacarta. Dhugaa dha.

64 Amma, anis yaada hammayyaa kanaan, dubartoonni haa hojjetan jedhee walii hin galu. Yeroon dubartoota uffata poolisii kana uffatanii, mootor sayikilii irra yaabbatanii magaalaa kana keessa naanna'an tokkon arge, magaalaa kamiifuu dubartiin sana akka gootu eeyyamuufiin salphina. Argitanii? Argitanii? dhiironni hojii hin qabne baay'achuun isaanii, magaalli keenya akka ammayyummaatti yaaduu agarsiisa. Kunis salphachuu isaa agarsiisa. Nuti dubartoonni akka sanaa akka as jiraatan eeyyamuufii hin qabnu. Isaan achitti gonkumaa dhimma akkanaa hin qaban.

65 Waaqayyo namaaf haadha manaa yeroo kennu, Inni waan kennuu danda'u keessaa Inni isa caalu kenneef, fayyuudhaan alatti. Garuu namni tokko bakka dhiiraa fudhachuuf yeroo yaaluuf deemu, achii bakka inni qabachuu qabu isheen yoo qabatte wantichi badeera. Amma, sun sirrii dha. Argitanii?

Amma hojiirra oolmaa hafuuraa arguu dandeenya.

66 Ani—ani sun badaa akka ta'e nan beeka, akka yaaddanittis badaa dha, garuu Dhugaa dha. Hagam hamaa ta'u illee nutti hin dhaga'amu, dhugaa jiru fudhachuu qabna. Wanti Macaafni Qulqulluun barsiisu kanuma. Argitanii?

67 Amma, ifaan ifatti sochii hafuuraa argina, Waaqayyo Mana Isaa fuula duraa Misirroo Isaa fuula duraa wajjin qabu, amma ifatti mul'ata.

68 Namni yoo giiftii eejjituu fuudhe, inni gara fuul duraatti maal akka fakkatu ni argitu. Namni tokko dubartii mana keessa hin turre yoo fuudhe, gara fuul duraatti maal akka fakkaatu argitu. Anis yeroo tokko . . .

69 Kun waan hamaa dha. Kanaaf dubbachuun natti dhaga'ame. Anis—ani, yeroo baay'ee, yoo akkan dubbadhu natti dhaga'ame, dubbachuun qaba. Kunis yeroo baay'ee karaa Waaqayyoo ti.

70 Ani—ani horii bituuf, horsiisaa tokko wajjin nan deema ture. Jaarsi yeroo hunda caalbaasii irratti hin ba'in dura, fuula raada sanaa yeroo kallattiidhaan sirriitti fuula ilaala ture. Sana booda fuula isaa naanneffatee, duubaa fi dura ilaale. Anis isa hordofeen, isa ilaale. Dheerina ishee ilaaluuf, innis irraa hanga gadiitti, ishee ilaale. Sana booda garagalee fuula ishee ilaalee, yeroo tokko tokko mataa raasee deema ture.

Anis, "Jeef, waa si gaafachuu barbaadan" jedhe.

Innis, "Biil, dubbadhu" naan jedhe.

71 Anis, "Maaliif yeroo hunda loon sana fuula ilaaltaa" jedhe? Akkasin jedheen, "Isheen sirrii fakkaatti, sa'a ulfaatina gaarii—qabdu fakkaatti."

72 Innis, "Dargaggeessaa, waa hedduu barachuu qabda" jedhe. Anis, erga natti himee boodan hubadhe. Innis, "Akkaataa isheen tolfamte na hin dhibu. Foon qabaachuu dandeessi, hanga koomee isheetti guutuudha." Garuu fuula ishee irratti ilaalcha gara jabinaa yoo agarsiifte, gonkumaa hin bitin" naan jedhe.

Akkasin jedheen, "Maaliif, Jeef?"

73 "Tole," akkas jedhe, "jalqaba irratti wanti isheen gootu," jedhe, "isheen gonkumaa bakka tokko hin teessu." Innis akkas jedhe, "Wanti itti aanu, isheen jabbii isheef haadha hin taatu." Akkas jedhan, "Amma dallaa keessa ishee galchaniiru, sababa isheen furdoo taateef." Ati ishee ni hiikta, ilaalcha bosonaa sanaan, isheen ofii ishee gara du'a isheetti fiigdi."

74 Anis, "Beektuu, waan tokko baradheera. Sun dubartootaafis ni ta'a jedheen amana, baay'ee" jedheen. Sirrii dha. Sirrii dha.

75 Ilaalchi, bosonaa sun, ilaalchi Rikkeettaa, ija ishee irratti waan bifa cuquliisa hundaa, mucaa koo, ishee irraa yoo fagaatte wayya. Anis hin barbaadu. . . Ani sana hin barbaanne. Kiristaanootatti waan tolu natti hin fakkaatu. Televizyiinii fi barrulee irratti hammam bareedaa ta'uu isaa natti himan illee dhimma hin qabu. Kun mul'ata jireenya koo keessatti arge kamiyyuu caalaa suukanneessaa fi fokkisaa dha.

76 As Cafteriyaa Kiliiftoonitti, ganama tokko, ciree irratti, sana yeroo jalqabaaf argeen ture. . . Shamarran muraasni yoo dhufanin argeen ture. Obboleessi Arganbiraayitii fi ani battaluma ol seenne. Innis sadarkaa irra gadi bu'ee ture. Anis nan ilaale, shamarri sunis dhufte. Anis, "Tole, ani—ani—ani—hin beeku" jedheen yaade. Kana dura waan akkasii argee hin beeku. Waan ta'e tokko ture. Oo, isheen waan madoofte fakkaatti, beektuu, qofa waan nama-kolfisiisu fakkaatu qabdi. Ani—kana kanan jedhu nama kolfalchiisuuf miti, kana—kanan jedhu. . . Beektuu, misiyoonii waanan ta'eef, ani lamxii argee beeka,

ani dhibeewwan adda addaa hunda argeera, beektuu, dhibeen akkam. . . akka ta'e, anis gara shamarree sanaatti ol ba'een akkas jedheen, "Ani—ani—tajaajilaa dha, ani—dhukkubsataafan kadhadha. Akkan—akkan siif kadhadhu barbaaddaa?" Anis waan akkasii takkaa argee hin beeku. Sana boodas, kunoo lama ykn sadii kan caalan, seenan. Ani gara duubatti siqeen achii nan eege.

77 Obboleessi Arganbiraayitis ni dhufe, kanaaf akkasin jedheen, "Obboleessa Arganbiraayitii?" Inni as jira ta'a. Akkasin jedheen, "Rakkoon dubartittii maali?" Argitanii?

Innis, "Sun, maaki appii dha" jedhe.

78 Anis, "Tole, maay, maay" jedheen! Argitanii? Beektuu, dubartoota hundatti akka hin darbine, kophaa ishee gargar baasanii bakka ta'e ishee kaa'u jedhee yaadeen ture.

79 Garuu, beektuu, isin yeroo filattan, karoorsuu qabdu, ilaaluu, kadhachuu qabdu. Sababni isaas, Dubbii abdachiifame, kanaan, ilaalla. Isheen, missirroo namni filatu sanaan, amala isaa calaqqisiifti. Kunis waan isa keessa jiru calaqqisiisa.

80 Amma, namni Hafuura Qulqulluudhaan guutame tokko, waan akkasii haadha manaa godhatee ni fuudha, jettanii yaaduu dandeessuu? Ana—ana—natti hin mul'atu, obboleessaa. Amma, tarii ani jaarsa fakkaachuun danda'a. Garuu, beektuu, ani—qofa sun naaf galuu hin dandeenye, argitanii, hubadhaa, waan isa keessa jiru calaqqisiisa. Isheen jireenya isaa fuulduraa ijaaruuf gargaarti.

81 Amma, kana booda, yeroo gabaabaaf gara gama hafuuraatti yoo deebinu. Waldaa addunyaa keessa jirtus yeroo ilaaltan, akka addunyaatti kan sochootu, addunyaa keessatti eegdu, addunyaa irraa kan hirmaattu, ajajoota Waaqayyoo akka waan Inni Isaan hin barreessinee taasiftee yeroo lakkooftu argitanii, sana booda isin—isin Kiristoos Misirroo akkasii akka hin fudhanne tilmaamuu dandeessu. Waldaa har'a jirtu akka Misirrootti fudhattanii ilaaluu dandessuu? Gooftaan garuu hin fudhatu. Ani sana . . . fudhachuun natti ulfaata. Lakki. Amma yaadadhaa, dhiirrii fi haati warraa tokko dha. Nama akkasii wajjin walitti makamtuu? Ati ni barbaadda yoo ta'e, amantiin si irratti qabu na shakkisiisa.

82 Akkasumas, achii, Waaqayyo ofii Isaa kan akkanaa wajjin walilitti makamuu, dhaabbata amantii itti fufiinsaan eejjitu wajjin? Ati waan Inni kana godhu sitti fakkaataa, "Bifa waaqeffannaa qabaatee humna isaa kan ganu"? Inni gonkumaa hin godhu. Isheen of keessatti amala Isaa qabaachuu qabdi. Isheen dhugaan, sirriin, Waldaa lammata-dhalatte amala Kiristoos keessa ture—qabaachuu qabdi, sababni isaas abbaan manaa fi haati manaa tokko dha. Yesus waan Waaqayyoo gammachiisu qofa yoo hojjete, Dubbii Isaa yoo eege Dubbii Isaas yoo mul'ise, Missirroon Isaas amaluma wal fakkaataa

ta'e qabaachuu qabdi. Isheen, haala kamiinuu, dhaabbata amantii, ta'uu hin dandeessu. Sababni isaas, sana booda, hamma iyyuu "lakki," jechuu yoo barbaaddan, isheen bakka ta'etti boordiidhaan isin to'atti, maal akka gootanii fi maal akka hin goone itti himuu, fi, yeroo baay'ee, Dubbii dhugaa irraa maayilii miliyoona tokko fagaataniiru.

83 Waaqayyo Waldaa geggeessuuf Geggeessaa dhugaa nutti dhiise irraa fagaachuun keenya baay'ee hamaadha. Inni Pireesbiitaroota gonkumaa hin ergine. Inni phaaphaasota ol'aanaa, kaardinaalota, luboota, phaaphaasota hin ergine. Inni Waldaa geggeessuuf, Hafuura Qulqulluu Waldaadhaaf erge. "Hafuurri Qulqulluun yeroo dhufe, Inni gara Dhugaa hundumaatti isin geggeessa, wantoota kanas isiniif ibsa, waan Ani isinitti hime isin yaadachiisa, akkasumas wantoota dhufan illee isinitti agarsiisa. Hafuurri Qulqulluun kana gochuufi dha. Amma, waldaan isheen ammayyaa Sana jibbiti. Isaan Isa hin jaalatan, kanaaf isheen akkamitti Missirroo Kiristoos ta'uu dandeessi? Namoonni bara kanaa dhaabbata amantii ammayyaa'aa filatu. Inni kun kan agarsiisu, Dubbicha irratti hubannoo dadhabaa qofa dha.

84 Isin miidhuuf miti kanan dubbadhu, garuu hanga isinitti mul'atutti akka keessan keessa seenu jechuu kooti.

85 Jaalalleewwan baay'ee wal fuusiseera, garuu inni yeroo hunda Kiristoosii fi Missirroo Isaa na yaadachiisa. Cidha yeroo muraasa dura, asitti kanan raawwadhe keessaa tokko, jireenya—koo keessatti waan baay'ee adda ta'e ture. Waggoota hedduu dura, yeroon dargaggeessa tajaajilaa ture.

86 Obboleessi koo PWA irratti—hojjechaa ture. Namni sana yaadatu jiraachuu fi dhiisuu isaa hin beeku, ammas, ykn hin beeku, namni akka koo dulloome jira. Sunis—pirojeektii mootummaan qabu ture. Obboleessi koos naannoo maayilii soddomaa, hojjeteera. Isaan haroowwan muraasa qotaa turan, kunis eegumsa pirojeektii ture.

87 Mucaan tokkos isaan wajjin, achitti hojjechaa ture, Indiyaanaapoolis irraa, gara, oo, gara maayilii dhibbaa Jeefarsanviil irraa ol bakka ani—ani jiraadhu, ykn jiraadhe. Obboleessa kootiin—Inni akkas jedhee ture, gaaf tokko, akkas jedhe, "Dook," akkas jedheen, "Ani—nan barbaada . . . Ani nan fuudha, yoon maallaqa ga'aa lallabaaf kaffalu qabaadhe." Innis, "Ani—waraqaa ragaa gaa'ela argachuuf qarshii ga'aa nan qaba, garuu," jedhe, "Maallaqa ga'aa lallabaaf kaffalu hin qabu" jedhe.

88 Dook akkas jedhe, "Tole, obboleessi koo lallabaa dha, inni—immoo—tarii si fuudha ta'a." Innis, "Inni waan akka sanaatiif maallaqa kaffalchiisee hin beeku" jedhe.

Innis, "Inni yoo na fuudhe naaf gaafattaa?"

89 Egaa, halkan sana obboleessi koo na gaafate. Akkasin jedhe, "Yoo isaan keessaa kanaan dura, eenyu iyyuu hin fuune yoo ta'e, wanti hunduu gaarii . . . ta'a."

Innis, "Tole, eeyyee, isa nan gaafadha" jedhe.

Anis, "Yoo akkas ta'e, isatti himi, akka dhufu" jedheen.

90 Kanaaf, Sanbata duraa yeroo qaqqabe mucichi ni dhufe. Inni anaaf waan guddaa dha, yeroo hunda kana duubatti deebi'ee ilaalun koo. Ani . . . Waaree boodaa, konkolaataa Sheveroleetii moofaa, ibsaan isaa kan fuul duraa wadaroon hidhamee, inni fiigaa dhufee, fuul dura koo dhaabate. Qofa haadha manaa koo du'aan ergan dhabee booddee, akkasumas hojjechaan ture, kutaawwan xixiqqoo lama. Akkasumas—Dook ana waliin ture, isaan eegaa.

91 Akkasumas—mucaan tokko konkolaaticha keessaa bahee, innis anaaf, miinjee hin fakkaatu, ykn nama biraatiifis hin fakkaatu, jedheen tilmaama. Eeyyee, ani kophee bareedaa bituu nan danda'a ture, doolar tokkoo fi walakkaadhaan. Akkasumas kophee cimdii qaba ture, kan gatantare. Surriin isaas baay'ee bal'aa ture. Jaakkeettii dulloomaa kan moolaaskiin keewwateera. Tokko tokkoon keessan namoonni gurguddoon yaadattu jedhee hin yaadu. Inni osoo hin qulqullaa'in maashinii dhiqannaa keessa seenee waan bahe fakkaata, inni ligidaa'ee ture, akka *kanatti* hidhamee, gara oliitti kottaa'ee ture.

92 Akkasumas—dubartiin garraamin tokko cinaa isaatii baate, xiqqoo irraa, oo, uffata bocawwan booraa—fakkaatu tokko uffattee turte.

93 Ani hin beeku. Yeroo tokko, waan akka sanaa yeroon waamu dogoggoreera. Jiinghaam, waan jedhamu natti fakkaata. Akkasumas kanaafuu inni ture a . . . [Gumiin ni kolfe—Gulaalaa.] Ammas dogoggoreeran jedhe. Ani—yeroo hunda nan hojjedha. Anis akkas jedheen . . .

94 Konkolaataa keessaa baatee, isaanis tarkaanfiin ol ba'an. Akkasumas—isaan yeroo ol seenan, waan garraamii tokko, isheen . . . nan tilmaama, isheen, kan isheen uffatte qamisii qofa. Isheen immoo kophee hin qabdu turte, ulfaataa, uffatte. Isheen Indiyaanaapoolis irraa, gadi butee turte. Rifeensi ishee dheeratee hojjetamee, dugda irra ciisa, dheerinaan, akka shurrubbaatti dugda irraan gadi bu'eera. Baay'ee dargaggeettii fakkaatti.

Akkasin isheedhaan jedhe, "Ati heerumuuf umuriin kee gaheeraa?"

95 Isheenis, "Eeyyee, fira koo" jette. Isheen, "Ani abbaa koo fi haadha koo irraa eeyyama barreeffamaan qaba" jette. Isheen, "Ani mana murtiitti—argisiisuun qaba, eeyyama koo fudhachuuf."

96 Ani akkasin jedheen, "Tole." Akkasin jedheen, "Osoo gaa'ela kana hin raawwatin dura ani xiqqoo isinitti dubbachuun barbaada." Isaan ni taa'an. Mucichi kutaa ilaaluu itti fufeera; inni rifeensa isaa murachuu qaba ture. Akkasumas inni kuticha ilaaluu itti fufe. Inni na dhaggeeffachaa ture. Akkasin jedheen, "Ilma koo, ani waanan jechaa jiru akka dhaggeeffattun barbaada."

Akkas jedhe, "Tole, fira koo."

Akkasin jedheen, "Ati intala kana jaalattaa?"

Innis, "Eeyyee, fira koo. Nan jaaladha" jedhe.

Anis, "Atis isa jaalattaa" jedheen?

"Eeyyee, fira koo. Nan jaaladha" jette.

97 Akkasin jedheen, "Amma, ishee erga fuutee booda bakka ishee geessitu qopheessitee?

Akkas jedhe, "Eeyyee, fira koo."

98 Akkasin jedheen, "Tole. Amma," Akkasin jedheen. "Waan tokko si gaafachuun barbaada. Akka ati asitti PWA kana keessa hojjetu," nan hubadha.

Innis akkas jedhe, "Eeyyee, fira koo." Sun torbee keessatti doolara kudha lama.

Anis, "Ati ishee kan jiraachisu nan hojjedha jettee yaaddaa?"

Innis, "Ani waanan gochuu danda'u hunda nan godha" jedhe.

99 Akkasumas ani, "Tole, gaarii dha" jedheen. Anis, "Amma, maal ta'a inni yoo hojii keessaa ba'e. . . .Maal yoo hojii kana gadi lakkise, obboleettii? Ati maal goota, gara manaatti deebitaa, gara haadha keetii, gara abbaa keetiitti?"

Isheen akkas jette, "Lakki, fira koo. Ani isa waliinin taa'a."

100 Anis, "Maali, fira koo, ijoollee sadii afur yoo qabaatte, wanti isaan sooru yoo hin jirre, hojii tokkollee yoo hin arganne. Maal goota, ishee ni geggeessitaa?"

101 Akkas jedhe, "Lakki, fira koo. Ani hamman danda'etti nan qabsaa'a. Waan ta'een, fiixaan baafna."

102 Xiqqoo nan gaddeef. Akkasumas dhugaadhaan akka inni jaalatu nan arge, isaan wal jaalataniiru. Walin fuusise.

103 Sana booda eessa akka geesse yaadatu natti gale. Guyyoota muraasaan booda, obboleessa koon gaafadhe, Dook, inni eessa akka jiru. Innis, "Gara Niwu Albaanii deemi," magaalaa xiqqoo nuu gadii tokko.

104 Gara lagaatti gadi bu'ee, bakka ani qorqoorroo tokko tokko suphetti, bakkan yeroo hunda deeme—suphaa qorqoorroo turetti. Yeroo hiriyoonni koo isaan kaan, isaan hundumtuu naannoo taa'anii, qoosan fi waantota biraa hojjetan, Ani yero sana gara lagaa deemetan akkasumas nan kadhadha, achi

keessatti, sibiilli dulloomaan kan ittiin hojjetamu qorqoorroo guddaa jala taa'een, Macaafa Qulqulluu koo dubbisa. Achittis gamtaa saanduqa konkolaataawwan dulloomaniitu ture.

105 Akkasumas mucaan kun gara sana deemee akkasumas furgoowwan keessaa isa tokko fudhatee balbala itti maxxanse. Akkasumas barrulee fi ispiilii fudhate.

106 Ispiiliin maal akka ta'e meeqaa keessantu beektu? Egaa Keentaakonni as hin jiran jechuu dha, sana booda. Isheen, kutaa kaartoonii irratti, kan suuqamtu, lilmoo xiqqoo dha. Sana booda achuma irratti suuqamti . . . Ispiilii jechuun sanuma.

107 Kanaaf, isaan bakka hundatti suuqaniiru. Inni achi gara hojii sibiilaa deeme waan tokko tokko fide, gara oliitti ba'uuf sadarkaa godhe, ol dhufuuf. Saanduqoota moofaa ta'an fide, minjaala ofii isaaf fide. Akkasumas guyyaa tokko, "Gadi bu'een maal akka isaan ta'an ilaala" jedhe.

108 Sana irraa ji'a jaha dursee, intala E. V. Naayit ilma E. T. Islaayidar waliin walfuusiseen ture. Laga Ohiyoo irratti kan argaman namoota baay'ee sooreyyii ta'an keessaa kan ta'e, E. V. Naayit, akkasumas, oo, warshaa guddaa achitti argamu, manneen warshaalee kanaa, fi kkf hojjechaa bulcha. Akkasumas—akkasumas Islaaydar, E. T. Islaaydar, Ilma abbaa miliyoonaa, kan abbaa dhaabbata ashawaa fi biyyoo ti. Anis isaan wal fuusise.

109 Anis gara bakka tokkootti deebi'een, gara gudoo tokkootti deebi'uun boraatii irratti jilbeenfachuun, torbee lamaaf nan shaakale. Cimdiiwwan sana wal fuusisuuf, yeroo biraa caala cidhawwan taasise hundumaa irra kan caalu, dhi'eenyaan, keessa darbuun qaba ture! Akkasumas isaan yeroo gadi bahan, isaan . . . Jaalalleewwan isaan garraamin kun siree dachaatu fi soofaan xiqqoon bakka jiru daree dulloomaa tokko keessa dhaabatanii turan. garuu isaan lamaan kan wal fuudhan seera wal fakkaataadhaani.

110 Sana booda, guyyaa tokko, gara abbaa manaa sooressaa fi haadha manaa sooressa kanaa deemuun yaade. Isaan homaa hojjechuun isaan irraa hin eegamu, abbootiin isaan miliyoonaroota, mana bareedaa isaaniif ijaaraniiru. Dhugaa dubbachuuf, as randa kana irratti kan argamu, olitti, E. V. Naayit, cuftuu balbala isaa kan mana isa guddaa irra jiran kan hojjetaman warqii kaaraatii kudha afur irraayyu, kanaaf isaan mana akka kamii keessa akka jiraatan tilmaamuu dandeessu. Isaan hojjechuu hin qaban. Isaaniif waggaa waggaadhan Kaadilaakii bareedatu kennamaaf. Qofa, akkuma ijoollee kophaa, akkasumas isaan waan barbaadan hunda argatu. Guyyaa tokko tokko yeroon bahe . . .

111 Amma, akkamittan isaan waliin wal bare, isaan hundumaa keessaa inni hiriyaa koo ture. Nuti hundumtuu hiriyoota walii

turre. Akkasumas akka kanatti kan wal barre, yeroo isaan akkan fuusiisuuf barbaadan.

112 Kanaafuu, isaan gaafachuuf nan adeeme. Foordii koo isa moofaa ala dhaabetan, sadarkaawwan ol bahe. Akkasumas—ol bahee, xiqqoo yeroon itti dhi'aadhe, akkasumas isaan nan dhaga'e. Isaan walitti guungumaa turan. Isaan walii walii isaaniin walitti inaaffu ture. Isaan shubbisaa turan. Isheen intala baay'ee bareedduu dha. Isheenis warreen giiftiiwwan bareedan keessaa ishee tokkoo dha. Isheen badhaasota baay'ee ta'an fudhatteerta, konkolaataa fi wantoota tokko tokko fudhatteetti, giiftii miidhaginaa waan taateef. Anis isaan ilaaleen tokko golee tokko irra, tokko immoo isa kaan irra taa'ee ture, waa'ee gurbaa tokkoo isa waliin shubbisanii, ykn waa'ee intalaa, waan tokkoo wal falmu.

113 Yeroo ani dhufu, isaan hatattamaan ol utaalanii akkasumas harka wal qabatanii laficha irratti, akkasumas harka—harka isaanii wal qabatanii, laficha irraa deemaa, gara balbalaatti dhufan. Akkas jedhan, "Maaliif, heloo achi, Obboleessa Biraanhaam! Akkam jirta?"

Akkasin jedheen, "Gaarii dha. Isin akkam jirtu?"

114 Akkasumas, "Oo," inni akkas jedhe, "Ani—ani . . . Nuti baay'ee gammadoo dha, Mitii, damma koo?"

Isheenis akkas jette, "Eeyyee, jaalallee koo." Argitanii?

115 Amma, argitanii, isin waan dhugaa hin taane tokko ta'aa jirtu. Amma, isin ibidda dibameen hoo'ifachuu hin dandeessan, akka waldaawwan kun tokko tokko Pheenxeqoosxee dibuuf yaalan, waan waggoota kuma tokko ykn waggoota kuma lama dura ta'ee ture tokkoon. Ibidda dibame hoo'ifachuu hin dandeessan. Pheenxeqoosxeen akkuma yeroo sana ture har'as qofa akkasuma. Argitanii? Eeyyee. Ibiddichi ammayyuu bu'aa jira. Inni ibidda dibamee miti. Inni Ibidda dhugaa dha.

116 Kanaafuu, isaan, achuma turan. Argitanii? Ani—ani akka sanatti jiraachuu hin barbaadu.

117 "Oo," akka kanattan yaade, "beektuu, achitti randa cinaatti akkasumas laga gamatti, kan biraa xumura gaarii ta'e kan hin qabne cimdiiwwan ture." "Sanbata duraa sa'a boodaa ani achi gadi bu'ee akkasumas akkam akka isaan a'an nan ilaala," jedheen yaade.

118 Kanaafuu, ana, fuul dura koo xuraa'aa ture, akkasumas waanti koo hundumtuu xuraa'ee ture, "ani dhaqeen isaan ilaala," jedheen yaade. Ani insuleetariiwwan kakawweettidhaan rukutamanii tarsa'an ykn waanti akkasii waan jiraniif of eeggannoodhanin deeme, akkasumas wadaroo bilbilaa cinaan yeroon darbu, laga cinaan wadaroowwan ibsaa biraan yeroo darbinu. Konkolaataan inni dulloomaan Cheevrooleetii, fuuldura dhaabatee ture. Naannoo waggaa tokko booda, ergan

isaan wal fuusisee booda dha. Kan biraa tureera a—a . . . Balbalichi banaa ture, akkasumas osoo isaan dubbatanuun dhaga'e. Kanaaf kun nama lamaafaa fakkaata, garuu hanga dhiyaadhee dhaggeeffachuu fi maal akka isaan dubbachaa jiran arguu danda'utti itti siqeen. Achin dhaabadhe. Akkasumas qofa beekun barbaade, ofii koof.

119 Waanan dubbadhu sana sirriitti beekuu fi mirkaneeffachuun jaalladha. Waaqa Qabsoo ilaalchisee akkas godha. Inni Dhugaa dhaa, moo Inni Dhugaa miti? Inni Dubbii Isaa eega, moo Inni Dubbii Isaa hin eegu? Inni Dubbii Isaa hin eegu yoo ta'e, sana booda Inni Waaqayyoo miti. Argitanii? Inni Dubbii Isaa waan eeguuf, Inni Waaqayyoo dha. Argitanii?

120 Kanaaf ani akkam akka isaan ta'an beekun barbaade. Akkasumas ani ittan dhi'aadhe, haala salphaadhaan. Osoo inni akkas jedhuun dhaga'e, "Oo, damma koo, ani sana siif bituuf, baay'ee barbaadeen ture."

121 Issheenis, "Amma, argitee, jaalallee koo" jetteen. Isheen akkas jette, "Uffanni kun bareedaa dha." Isheen, "Maaliif, kun qofa baay'ee gaarii dha" jette. Akkas jette, "Sana nan dinqisiifadha. Garuu argitee . . . "

122 Ani ittan siqe, kanaafuu uraa keessan ilaaluu akkan danda'uuf, bakka balballi furgoo irraan sirriitti hin cufaminitti. Innis achi ture, achi keessa taa'ee, isheenis kofa isaa irra teesserti; harki isaa ishee irra, harki ishees isa irra ture. Innis kofiyyaa isa durii keewwatee ture, isheenis uraa xiqqoo qabdi ture, ishee bane, gubbaa irraa, cheekii kaffaltii isaas baase, sana keessaa. Inni—inni baasee minjaalicha irra kaa'e. "Grosariiif baasiin *kunoo*. Inshuraansiif baasiin *kunoo*. Konkolaataafis baasiin *kunoo,*" jedhe. Baasii fi galiin isaanii wal madaaluu hin dandeenye. Ilaaluuf akka dhufe nan hubadhe, inni wayyaa xiqqoo tokko foddaa irraan argaa ture, isa torbeewwan baay'eef ilaalaa tureera, sun doolara tokko ykn kan biraa akka baasisu. Isa bituufii barbaadee ture. Akkas jedhe, "Tole, damma koo, ati uffatichaan baay'ee bareedduu taata turte. Akkasumas inni akkas jedhe . . .

123 Isheen akkas jette, "Garuu, damma koo, ani—ani uffata qaba. Ani—ani dhugumaan isa hin barbaadu." Argitanii? Akkasumas giiftiin garraamin sun . . .

124 Anis duubatti siqeen ol ilaale. Mana isa kan biraa irra kan jiru—masaraa gamoo qal'aa arguu danda'eera. Daqiiqaa muraasaaf, achi dhaabadheen ilaale. Akka kanattan yaade, "Namni sooressi eenyu?" Akkas jedheen yaade, "Biil Branham, yoo iddoo ta'e fudhachuu barbaadde, eessa deemta?" Anaaf, ani wanta bareedaa sana kan tulluu irra jiru hin fudhadhu. Ani as gara gadii kana kan jirun filadha, akka haadha manaa dhugaatti, nama ta'e kan na jaalattuu fi kan na waliin teessu, nama ta'e kan mana mana gochuuf kan yaaltu; akkasumas waan

hundumaaf kan si hin dhiigsine, miidhaginaaf; akkasumas kan si waliin jiraattu, qaama kee kan taaten filadha.

125 Akkam ta'uu akka qabu, sun yeroo hunda keessa koo jira. Inni tokko intaala bareedduu filate, inni kaan immoo amala filate. Amma, karaan filachuu dandeessu isa qofaatu jira. Jalqaba, amala ishee ilaali; sana booda, yoo ishee jaallatte, tole.

126 Hubadhaa, Addaam kan Waaqayyoo inni jalqabaa haadha manaa filachuu, hin qabu ture. Inni filannoo hin qabu ture. Waaqayyo isa tokko qofa hojjete, innis ishee filachuu hin dandeenye. Kanaaf, isheen Dubbii Waaqayyoo irraa akka isa jallifte argina. Inni dhimma sana irratti kadhachuu hin dandeenye. Inni—inni—inni akka keenya miti. Filannoo hin qabu ture. Ammas, kana gochuudhaan, iddoo sirrii mucaa Waaqayyoo ta'uu irraa isa baafte. Akkasumas isheen kan sana goote haala jireenya ammayyaa'aa isatti agarsiisudhaan, waan isaan gochuu hin qabne gochuudhaan ture. Garuu amalli ishee akka isheen dogoggorte itti agarsiiseera. Yaadonni ishee fi kaayyoon ishee salphumatti dogoggora turan. Isas amansiifte, sababeessuu isheen, kan isheen argatte ifti haaraan ammayyaa'aan sun, Dubbii Waaqayyoo wajjin kan wal faallessu, jireenya karaa fooyya'aa ti.

127 Har'as dubartoota baay'ee meeqatu, faallaa kanaanis, dhiironni, kan dubartoota gaarii Waaqayyoo irraa gargar baasan, ykn namoota gaarii Waaqayyoo irraa fageessan, akkas jechuu yaaluudhaan, "Amantiin kun, isin ijoolleen Pheenxeqoosxee, amantiin kun," isaan, "oo, sun faashinii-duubatti hafaa dha, inni huurrii moofaa dha, sana hin amaniin" jedhu. Ati dubartii sana osoo hin fuudhin dura jabeessii kadhadhu, hamma feete bareedduu yoo taate dhimma hin qabu. Dhiirichaafis akkuma sana.

128 Isheen fedha Waaqayyoo keessaa isa baaftee waan gochuu hin qabnes akka inni godhu goote, sun, immoo, namoota hundumaa irratti du'a fide. Kanaafi Macaafni Qulqulluun karaa kamiinuu, akka isheen hin barsiisne, hin lallabne, ykn Dubbii Waaqayyoo akka hin qabne kan dhorke.

129 Nan beeka, obboloonni dubaraa, baay'een keessan, "Akkan lallabu Gooftaan na waameera" jettu.

130 Ani isin wajjin wal hin falmu. Garuu isinittan hima, Dubbichi akka isin sana hin goone dubbata. "Isheen hin barsiisin, ykn aangoo kamiyyuu hin agarsiisin, garuu haa calliftu."

"Tole," akkas jettu, "Gooftaan sana godhi naan jedheeera."

131 Kana homaa hin shakku. Halkan kaleessaa waa'ee Bala'aam Ergaa koo dhageessanii? Bala'aam isa jalqabaa, murtee Waaqayyoo isa—kallattiitu itti kenname, "Akkas hin godhin." Garuu hamma dhumaatti Waaqayyo deemee akka hojjetu itti himutti gowwoomsuu itti fufe.

132 Waaqayyo akka lallabdu siif eeyyama ta'a. Inni hin eeyyamu hin jedhu. Garuu inni akkaataa Sagalee fi karoora Isaa isa jalqabaa miti. "Sababni isaas, akkuma seerri jedhutti, isheen ajajamtuu ta'uu qabdi." Dhugaadha. Kanaaf, isheen kana gochuu hin qabdu.

133 Amma, hubadhaa, missirroon inni uumamaa fakkeenya isa hafuuraa ti. Sagalichi akkas jedha, "Isheetu dhiiraaf uumame, dhiirri immoo isheef hin uumamne."

134 Ammma, yeroo muraasa keessatti, waa'ee Misirroo Yesus Kiristoos, nan dubbadha, garuu dugduubee isaa isinittan agarsiisa.

135 "Dubartiin dhiiraaf uumamte, dhiirri garuu dubartiif miti." Sababni isaa, akka seera duriitti, kan tokkoo ol fuudhuun seera qabeessa ta'eefi. Daawit dubartoota dhibba shan wajjin taa'ee jiru ilaalaa, Macaafni Qulqulluun yeroo dubbatu, "Inni garaa Waaqayyoo qabu ture" jedha. Dubartoota dhibba shan wajjin, Salamoon kuma tokko wajjin, garuu dubartoota sana keessaa tokko illee abbaa manaa biraa hin qaban.

136 *Gaa'elaa Fi Hiikkaa* mata duree jedhu irratti kanan lallabe kaasseettii koo ni argattu. Sana, as tulluu Tuuksan irratti, yeroo dhiyootti, waa'ee isaa lallabaan ture. Isaan manneen barnootaa addaan kutan, Utubaa Ibiddaa tulluu naanna'anii ilaaluuf yeroo deemus ilaaluuf, gara fuul duraa fi gara duubaatti, olii fi gadi. Namoonni naannoo kana jiran isa beeku, achitti, Isas arganiiru; Innis . . . yeroo waa'ee gaa'elaa fi gaaffiiwwan hiikkaa Dhugaa isaa natti hime. Tokko kallattii *kanaan* kan deemu yoo ta'e, tokko immoo karaa *sanaan* kan deemu yoo ta'e, Dhugaan kan biraa tokko bakka ta'e jira. Chaappaawwan Torban sana booda, Inni Dhugichi eessa akka ta'e natti agarsiise.

137 Hubadhaa, amma, abbaa manaa tokko malee qabaachuu hin dandeessu, sababni isaas, "Dubartiin dhiiraaf malee, dhiirri dubartiif hin uumamne." Sun hundi dubartoonni dhibbi tokko haadholii manaa Daawit turan, sun immoo fakkeenya ture. Yesus Kiristoos Teessoo Miliiniyeemii irra yeroo taa'u, Missirroon Isaa nama tokko hin taatu, garuu kumaatama kudhaniin, Misirroon, hundumtuu yeroo Tokko dhufu. Daawit dubartoota baay'ee qaba ture, akka dhuunfaatti, garuu hundi isaanii dubartoota isaa qofa turan. Akkuma Qaamni amantootaa guutuun Missirroo Kiristoos ta'e, 'sababni isaa Inni Ishee waan ta'eef, dubartittii. Inni Dhiira ture. Amma, nuti Kiristoosiif kan uumamnee dha. Kiristoos nuuf hin uumamne.

138 Guyyaa har'aa kitaaba barrulee keenyaa keessatti kan goonu kanuma, Dubbicha (jechuun Kiristoos) akka nuuf mijatu gochuuf yaaluu dha, ofii keenya akka Dubbicha waliin mijatu gochuuf yaaluu irra. Sun garaagarummaa ture.

139 Dhiirri tokko maatii tokko keessaa dubartii tokko yeroo filatu, bareedina irratti hirkachuu hin qabaatu,

bareedinni ni gowwoomsa. Akkasumas bareedinni, miidhaginni ammayyaa'aan biyya lafaa, seexana irraayyu.

"Oo," namni tokko osoo akkana jedhuu nan dhaga'a, "of eeggadhu asitti, lallabicha!"

140 Addunyaa kana irraa kan jiran, wantoonni babbareedoo jedhamanii waamaman, gonkumaa seexana irraayyun jedha. Isiniifan mirkaneessa. Achii, akkaataa jechama kanaan, inni sirrii ta'uu fi dhiisuu isaa, Dubbii Waaqayyoo isa qulqulluudhaan haa barbaannu. Akkasumas dubartoonni tokko tokko bareedduu ta'uu barbaaddu! Eessaa akka dhufe ilaalaa. Jalqaba irratti, Seexanni Ergamoota hamma dogoggorsiisutti bareedaa ta'ee isa argina. Hunda isaanii caala Ergamaa bareedaan isa ture. Bareedinni seexana irraa akka ta'e, agarsiiseera. Fakkeenyan yeroo dubbatu, Solomoon yeroo dubbatu, "Bareedinni hin fayyadu." Sirrii dha. Cubbuun bareedaa dha. Dhugaadh, akkasuma. Inni ofitti nama harkisa.

141 Waan tokko isin gaafachuu, fi waan tokko isinitti himuun barbaada. Daqiiqaa muraasa keessatti, akka hubattan nan barbaada. Addunyaa kana irra sanyiiwwan jiran keessaa, sinbirroota keessaa, bineeldota keessaa, jireenya bineeldotaa keessaa, ilma namaatiin alatti, kan bareedu dhiira malee dubartii akka hin taane argina. Sun maaliif? Ilaalaa bosonuu, kan—kan gaafota bareedan qabu bosonuu kormaa, bosonuu ishees garraamii dhalaa taate ilaalaa. Ilaalaa kan—indaanqoo, garraamii, indaanqoo tuttuqaa qabdu, fi laboobaa gurguddaa—bareedaa kan qabu kormaa indaanqoo ilaalaa. Sinbira kormaa fi dhalaa ilaalaa. Daakkiyyee kormaa fi dhalaa ilaalaa. Argitanii? Addunyaa irratti kan akka dubartiitti nama gowwoomsuu danda'uu, fi naamusa qabu hin argine, dhaloonni tokko illee hin jiru.

142 Amma, obboleettii koo, kaatee hin deemin. Hamma dhuma Kanaa dhageenyutti eegi. Argitanii? Argitanii?

143 Dubartoota keessaa dubartiin alatti, amala badaa kan qabdu hin jirtu. Sareedhaan "badduu," booyyedhaan "b—babbadaa" jettanii waamtu, garuu, naamusaan yoo ilaalame, isaan warra fiilmii hojjetan caala naamusa qabaatu. Isaan naamusa qabaachuu malee waan biraa ta'uu hin danda'an.

144 Dubartittiin sababa gowwoomsaatiin ishee jijjiiramte turte. Eeyyee, sirriidha. Bareedinni ishee garamitti akka geessu ilaalaa? Amma, sun sanuma, har'as, dubartoonni bareedina isaanii akka dabalan ni beekna. Paarl Biraayiin akka fakkeenyatti haa fudhannu, suurraa ishee argitanii beektuu? Bareedinni ishee bareedina Ameerikaa isa guddaa dha jedhama. Amma garuu mana barumsaa kamiyyuu kan jirtu dubarri—duuba isheetti hin hiriirsifne hin jirtu. Akka kana ta'uu akka qabu beektuu? Macaafni Qulqulluun akkana ta'uu akka qabu akka dubbatu beektuu?

145 Kufaatiin jalqabaa karaa dubartiitiin akka dhufe beektuu? Kufaatiin immoo. . . Dhumnis akkuma kana ta'a, dubartoonni aangoo qabaatu akkasumas dhiirota irratti bulchuu argatuu, fi kkf. Caaffanni Qulqulluun akkas akka jedhu beektuu? Beektuu, isheen uffata dhiirotaa yeroo uffattee, rifeensa ishees gabaabfatte, wantoonni kun hundi Dubbii Waaqayyoo wajjin wal faallessa. Isheenis waldaa akka bakka buutu beektuu? Yeroo dubartoonni maal akka hojjetan ilaaltan, waldaanis maal akka hojjettu argitu. Sirriitti sirrii dha. Amma, amma, sun akkuma Dubbiin Waaqayyoo qofti dhugaa ta'e innis dhugaa dha.

146 Akka dubartiitti naamusaan kan gadi jedhu dubartiin biraa hin uumamne. Ammayyuu, sababa, kanaan-. . .

147 Isheen uumama jalqabaa keessa hin turre. Dabartoonni hunduu uumama jalqabaa keessa jiru: sinbiroonni, kormaa fi dhalaan; bineeldota, kormaa fi dhalaan turan. Garuu, jireenya namaa keessatti, Waaqayyo nama qofa kan tolche, Isa irraas ni fuedhee ture. Dubartiin bu'aa-qaama isaa ti, sababni isaas Waaqayyo waan akka kanaa hin uumne. Caaffata Qulqulluu keessa barbaadaa. Sirrii dha. Waaqayyo, lakki, fira koo, uumama Isaa jalqabaa keessatti. Isheen achiitii baafamte.

148 But isheen of bituu yoo dandeesse, dhiirota caala badhaasa argatti. Isheen dirree qormaataa irra teessetti. Karaa ishee duuti dhufe. Isheen du'a hundaaf itti gaafatamtuu dha. Garuu sana booda Waaqayyo naanna'ee Jireenya deebisee fiduuf; Ilma Isaa abboomamaa ta'e, karaa dubartii fide. Garuu dubartii badduu tokko—kan hunda irra badaa taate dha; kan isheen gadi ta'e hin jiru.

149 Qaayin, ilma Seexanaa kan ture, Waaqayyo bareedina akka fudhatu yaade. Har'as ni fudhata. Qaayin ilma Seexanaa ture. "Oo, amma!" jettu ta'a. Nuti waa'ee kanaa gadi fageenyaan hin dubbannu, garuu isa isiniif ibsuun barbaada. Macaafni Qulqulluun inni "hamaa irraa akka ta'e" dubbata. Kanaaf, sana mirkaneessa. Tole. Amma, inni ilma Seexanaa ture. Inni aarsaa dhi'eessuu fi waaqeffannaa baay'ee bareedaa gochuu, Waaqayyo sana ni kabaja jedhee, yaade.

150 Isaan har'as waan wal fakkaataa, yaadu. Dhugaa dha. Kun, "Ijaarsa guddaa ta'e ijaarra. Dhaabbilee gurguddoo ta'an qabna. Nuti gamoowwan gurguddoo ijaarra namoota haala gaariin-uffatan, luboota baay'ee baratan finna" jedhanii yaadu. Teroo tokko tokko Waaqayyo maayilii miliyoona kudhan irraa fagaata. Sirriidha. Ta'us, waldaa dha.

151 Kanaaf, Waaqayyoon waaqeffannaa, garraamummaan, aarsaa kan kabaju yoo ta'e, Qaayin qofa akkuma Abeel ture. Garuu maatiin isaa kan nyaatan aappilii akka hin ta'in, inni mul'ataan hubate.

152 Ani as irratti waan tajaajilaan dubbachuu hin qabne tokko nan dubbadha, garuu isa nan dubbadha, waa fedheefuu. Warri

kaan kun waan tokko yeroo dubbatan nan dhaga'a, kanaaf ani. . .qoosaa xiqqoo dubbachuu, jechuu koos miti. Garuu, kana nan jedhe, "Appilii nyaachuun dubartoonni qullaa ta'uu isaanii kan agarsiisu yoo ta'e, nuti ammas appilii hiruu qabna." Argitanii? Argitanii? Uh-huh. Kanaaf dhiifama naaf godhi, garuu akka jijjiiramuuf qofa. Asitti garuu isinan tursiise, waa'ee dubartootaas dubbachaa, fi kkf. Ani—ani—daqiiqaa tokkoof bashannanuun barbaada, waan itti dhufuuf. Amma, hubadhaa, isin. . .Inni appilii hin turre. Nuti sana beekna.

153 Waldaan baroota kana keessa, fiixaan ba'iinsa isheetiin, akkuma fiixaan ba'iinsa nam-tolchee biraa, kan saayinsii ta'aa jirti. Isaan waldaa saayinsii gochuuf yaalaa jiru, suuraa fi gamoowwan gurguddoon harkisuun. Isheenis akkaataa Pheenxeqoosxee jireenya akkasii hordofuutti baay'ee nama gaddisiisa. Isin Hafuura Waaqayyoon taatanii, dibbeedhaan waaqeffachaa, akkasumas yoo gadi jettan isiniif wayya. Garuu isin warreen kaan waliin dorgomuuf yaalaa jirtu, sababni isaas isin gurmooftaniittu. Sana kan taasise. Argitanii? Waldaaleen akkaataa saayinsii ta'uuf yaalaa jiru.

154 Yaadadhaa, namni saayinsiin guddina yoo argate, inni guyyaa guyyaan of ajjeesaa jira. Yeroo baaruda qawwee kalaqe, maal akka godhe ilaalaa. Konkolaataa yeroo tolche, inni baaruda qawwee caala ajjeesa. Amma ofii isaa boombii haayidiroojiinii hojjete. Sanaan maal gochuuf laata? Tole.

155 Waldaan akkuma sana, akkuma saayinsiin fiixaan ba'insa gochuuf, karoora nam-tolcheen hojiirra oolchuu yaalu, isheen Waaqayyoo irraa fagaachaa, gara du'aatti si geessaa jirti, bakka isheen jalqaba turte irra. Sirrii dha. Akka haadha manaa kee filatte sanatti waldaa hin filatin. Argitanii? Waan Saayinsiin ishee godhe ajaa'iba ture, garuu isin kana irratti waldaa irraa yoo fagaattan wayya; haalluuwwan, daakuuwwan, wantoota kana hunda hojjeteera. Amala Dubbii Isaan filadhu.

156 Amma mee misirroo ishee uumamaa misirroo ishee har'aa kan-waldaa ishee jedhamte wajjin haa madaallu. Dubartii har'a heerumuuf jirtu, wajjin madaalaa.

157 Amma, waan saayinsiin isheef godhe qofa ilaalaa. Jalqaba irratti, rifeensa ishee murattee, rifeensa kan akka Jaakliin Keeneedii, qabattee baati, argitanii, ykn waan akka sanaa. Macaafni Qulqulluun immoo maal akka jedhu beektuu? Macaafni Qulqulluun dhugumatti dhiira tokkoof, yoo barbaade, mirga ishee hiikuu keessatti, yoo isheen akkas goote ni kenna. "Isheen dubartii kabaja hin qabne dha, rifeensa ishee kan gabaabfattu." Macaafni Qulqulluun akkas jedhe. Tole. Sana hin beektanii? Huh? Oo, eeyyee! Kaaliifoorniyaatti akka kana beektan baay'een lallaba. Sirrii dha. Oo, eeyyee! Inni anaaf maal fayyada? Isaan akka barbaadan taasisu, maalumaafuu.

Hubadhaa. Yoo booyyee maqaa jijjiirtan, hoolaa taasisuu hin dandeessan.

158 Isin kana booda na jibbitu, garuu isin Dhuggicha ni beektu. Argitanii?

159 Ilaalaa. Mee waliin haa dorgomsiifnu. Kunoo isheen dibata baay'ee wajjin dhufti, waan hin ta'in taati, misirroo hammayyooftuu. Fuula ishee dhiqi, tarii ishee irra baqata. Hanga du'aatti si sodaachisa, sana hunda ishee irraa kaasi. Waldaan fuula fuulduraa bal'aa halluu dibame qabu, miidhagina ti'ooloojii guutuu kan Maaxi Faakter fayyadame fakkaatu. Uh-huh. Fuula sobaa, lachuu bareedu—qabu, bareedina nam-tolchee dha bareedina Waaqayyo-tolchee miti. Lachuu keessa amalli baay'een hin jiru.

160 Hubadhaa, akka Seexanaa, gowwoomsuuf waan ga'aa qabdi, misirroo ammayyooftuu wajjin wal madaalchisaa: suree gabaabaa uffatti, uffata halluu dibame uffatti, rifeensa ishee gabaabsiti, uffata dhiira fakkaatu ni uffatti, akkasumas paasterii sana sirrii akka ta'e itti hime dhaggeeffadhu. Inni gowwoomsaa dha. Inni naannoowwan gamaa olitti itti rakkata. Sirrii dha. Sana kan gootuu gowwoomsuu, ishee waan hin taane tokko ta'u.

161 Waldaan kan ijaaramtu haala kanaani, DD., Ph.D., L.L.D qabdi. Kanaaf isin akkas jettu, "Paastariin keenya *kana*, *sana*, fi kan *biraa ti*," tarii hamma Hootteentoot waa'ee jajaboota Gibxii beeku caala waa'ee Waaqayyoo hin beekan ta'a. Sirrii dha. Tole. Inni achi keessa muuxannoo mana barumsaa teewoloojii muraasa qaba, waa'ee Waaqayyoo immoo homaa hin beeku.

162 Waldaan ammayyaa fi halluu ti'ooloojii isaanii, hmm, dubartoonni isaanii hundinuu ulfina isaanii wajjin akka haaddatan godhu, Riikii sanaa fi lubni isaanii kan akka Elzaabeel, yoo jiraatte illee. rifeensa muratanii, surrii gaggabaaboo, dibatanii, hundumtuu yaada ti'ooloojii guutaman, waldaan akkaataa itti dhaabbatee dha. Tole. Garuu amalli ishee hafuura hundumtuu Yesus Kiristoos ishee simachuuf kan dhufu haadha manummaa irraa kan fagaatee dha.

163 Kiristaanni kamiyyuu dubartii akka kanaa yoo fuudhe, inni ayyaanicha irraa akka kufe agarsiisa. Inni dubartii akkanaa yeroo filatu, mi'aa'ina Waaqayyoo fi mana isaaf qabu irraa, ta'u yoo qabaate, inni baay'ee fagoo ta'a. Lakki, fira koo. Ishee mirkanumaan mi'aa'ina Kiristaanummaa kan qabu itti hin tolu. Amalli ishee inni hafuuraa miidhagina dhaabbata amantii fi hawwii wajjin kan wal qabate, sadarkaa gadi aanaa irra kan jiru, kan du'ee dha.

164 Har'a sun bakka sirrii waldaan dhaabattee dha. Amantaa nam-tolchee saayinsawaatiif, amala Dubbichi kenneef Seexanatti gurgurte. Yeroo, isheen mirga argatte, akka waldaa Waaqayyootti, Dubbicha waliin akka turtuuf

Hafuurri Qulqulluun keessatti akka hojjatuuf, Qaama ishee Dubbichaa Waaqayyoo fi jaalala waliin akka wal maku gochuuf mirga qabdi. Qooda sanaa, akkuma Esaawu, angafummaa ishee gurgurte, dhaabbata amantii fudhatte, akka gootuuf eeyyamaniif, wanti isheen barbaadde kamiyyuu, sirriitti, akka haadha ishee beekamtuu ta'uuf Niiqiyaa, Roomitti. Dubbii Waaqayyoo!

165 Oo, akkamitti addunyaa Pheenxeqoosxee keenyaa keessa gale! Inni baay'ee badaa dha, garuu inni galeera.

166 Daqiiqaa tokko, hubadhaa, monoksee tokko kan waldaa Kaatolikii keessa jirtu. Dubartiin sun, monoksee ta'uuf, monoksummaa ishee xumuraa fudhachuuf, guutummaa guutuutti waldaa sanatti gurguramti. Isheen (lubbuu, qaama, fi hafuura) qabeenyaa waldaa sanaati. Isheen yaada mataa ishee hin qabdu. Sadarkaa monoksummaa isa xumuraa yeroo fudhattu, sammuu ofii ishee, fedhii ofii ishee qabaachuu hin dandeessu. As ilaalaa, Seexanni sun fakkeessitoota isaan fakkeessa, dhugaa fakkaatu.

167 Waldaan Waaqayyoo dhugaan, Misirroon, Isaa fi Dubbii Waaqayyoo Isa kakatameef kan gurguramte dha, yaadni Kiristoos hamma garaa keessan keessa jiraatutti. Garaagarummaa akkamiiti!

168 Har'a beekna, sana, waldaa ammayyooftuu, waldaa ishee ammayyooftuu addunyaa, waldaa ishee ammayyooftuu addunyaa fi ijoollee horuuf, waldaan isheen hafuuraa lamaanuu garaatti baattu dha.

169 Isaan keessaa tokko, guyyaa dhaloota dhaabbata amantii, guyyaa . . . tokko, hanga . . . guyyoota kanaatti, kennuudhaaf deemna, Mana Maree Waldoota Addunyaa irratti, karaa dhaabbata amantii tokkoon, mormituu kiristoos addunyaaf kan oomishu. Sun sirriitti Dhugaa dha. Ani arguu hin danda'u ta'a. Garuu akkan argu nan amana. Garuu, isin dargaggoonni, waam tajaajilaan dubbatu kan dhageessan kana yaadadhaa. Sun dhuma irratti ni ta'a. Mallattoon bineensichaas kanuma, yeroo isheen Mana Maree Waldoota Addunyaa hundeessitu. Isheenis ilma mormituu kiristoos ta'e, ni deessi.

170 Inni biraa Dubbii Waaqayyootiin ulfeefame Qaamni isaas, Qaama Yesus Kiristoos isa xumurame, isa Misirroo taate fida. Qaamni Kiristoos ammayyuu hin xumuramne. Meeqatu kana beeka? Dhiirrii fi dubartiin tokko. Kiristoos immoo Qaama tokko, Sagalee dha. Misirroon Qaama isaa isa hafe keessaa ta'uu qabdi. Lamaan isaaniis, walii wajjin, Qaama tokko deebi'ee tolcha. Akkuma Addaam jalqaba irratti ture: inniif, haati manaan isaa, tokko. Amma, Isheen, Misirroon dhugaan, Isheenis hanga yaada mataa Ishee hin fayyadamnetti, Isaan bitamteetti. Yaadni Isaa, beekamaa dha, fedhii Isaa ti, fedhiin Isaa immoo Sagalee Isaa ti.

171 Amma misirroo namaan filatamte-jedhamtu ilaalaa, kan hafuuraa fi kan uumamaa har'aa wal bira qabaa, Elzaabeel hammayyooftuun akkuma Ahaab gowwoomsite, bareedina Maaksi Faaktoorriitiin, waan hunda barbaaddi. Waldaa ilaalaa, haaluma wal fakkaatuun, Dubbii Waaqayyoo jiraataatti isheen sagaagaltuu dha; dhaabbata amantii gurguddaa, gamoo gurguddaa, maallaqa guddaa, mindaa guddaa, hunduu gurgurameera. Dhiironni puulpiitii irra dhaabbatanii gaarii ta'uu isaanii sana dubbatu, achumaanis akka itti fufan taasisu. Gowwoomsaa qofa, kana qofa. Dhuguma Bara Waldaa Lodoqiyaa jaamaa, akkama Macaafni Qulqulluu jedhe ta'a. "Akkas jette, 'ani sorreessa dha. Mootittii ta'een jiraadha. Waan tokko illee na hin barbaachisu.' Isin immoo hiyyeessota, miidhamtoota, jaamota, gadadamoo, fi qullaa ta'uu keessan: hin beekne." Kun GOOFTAAN AKKAS JEDHA yoo ta'uu baate, Mul'ata 3, ani gonkumaa Isa dubbisee hin beeku jechuu dha. Isheen maal akka taates, hin beektan! Itti yaadaa.

172 Yoo nama dhiira ykn dubartii, daandii irra jiru, kan guutummaatti qullaa ta'e tokko, qullaa akka ta'an yoo itti himte, isaanis akkas jedhu, "Waan dhimma kee hin taane keessa hin galin," maaliif, bakka ta'e tokkotti rakkoo sammuu qabu. Sammuu isaanii keessatti wanti dogoggora ta'e jira.

173 Yeroo Dubbii Waaqayyoo dubbifattan, namoonni akkam gochuu akka qaban, akkasumas cuuphaa Hafuura Qulqulluu har'a qabnu kana, immoo, namoota, maaliif, akka waan maraattaniitti isin ilaalu. "Lammata dhalachuu qabdu . . ." jettu: Lammata dhalachuu qabu. Macaafa Qulqulluu amanuu qabu.

174 Akkas jedhu, "Kun mammaaksa Yihudii waggaa baay'e dura, ture dha. Waldaan keenya karaa qabdi." Gadadamaa, deegaa, jaamaa, qullaa, ta'uu illee hin beekan. Haalli akkamii . . . Akka isaan muudatu Macaafni Qulqulluun dubbateera.

Raajiin dhugaan tokko akkamitti arguu irraa hafuu danda'a? Ani hin beeku.

175 Waldoota keenya hundumaa keessa, bakka hundumaatti galaa jira. Haala ammayyaa qofa keessatti, ilaalaa, qofa mee ilaalaa. Mul'ata boqonnaa 17 irratti kan ibsame ejjituu durii fi ijoollee durbaa ishee namoota hiyyeeyyii, jaamaa, gadadoo ta'aniif barsiisa ti'ooloojii ishee Sagalee Waaqayyoo wajjin kan wal faallessu kennitu dha. "Isaanis ishee keessatti lubbuu garbootaa, kan—dhiirotaa fi dubartootaa bakka hundumaatti argatan." Qooda namoota ofitti harkisuu . . .

176 Kiristoos namoota kan harkisu, Dubbii Isaa mirkaneessa. Inni dhaabbilee amantii gurguddaa fi hojiilee gurguddaadhaan hawwataman keessatti namoota hawwatu, mi'a-manaa

gurguddoo fi wantoota mimmiidhagoon hawwatu. Garuu Dubbiin Waaqayyoo Misirroo Kiristoos ni harkisa.

177 Amma hubadhaa. Waldaan—akkamitti akka xiyyeeffannoo—namootaa itti harkisuu yaalan hubachuun nama hawwata gurmuun faarfattootaa uffata miidhagaa uffachuun, dubartoonni rifeensa-gaggabaabsanii fuulas halluu dibataniitu. Akka . . . Ergamootaatti faarfatu jedhanii yaadu. Akka seexanaatti sobu, shubbisatti fiigu halkan guutuu, garuu waa'ee isaa homaa hin yaadan. Isaanis akkas jedhanii yaadu, "Homaa rakkoo hin qabu. Sun bareedaa dha." Garuu, argitanii, sun sobaan-kan hojjetame dha. Sun Dubbii Waaqayyoo miti.

178 Misirrittiin dhugaan, Dubbii Isaa eeguun, xiyyeeffannoo Waaqayyoo harkifti. Amma hubadhaa. Amma gara Kiristoos haa ilaallu.

179 Akkas jettu, "Tole, amma, daqiiqoo eegi, waa'ee miidhagina ati dubbattuu kunoo maali?"

180 Macaafni Qulqulluun, Isaayaas 53:2 irratti, akkas jedheera, Yesus yeroo dhufu, "Miidhagina waan Inni hin qabneef, Inni nu hin mararre." Sun sirrii dhaa? Miidhagina hin qabu. Utuu Inni miidhagina addunyaatiin dhufeera ta'e, akkuma Seexana har'aa, namoonni naanoo Isaa fiiganii akkuma har'a waldaa simatanittis Isa simatu ture. Akkuma har'a Seexana simatanitti, Isa amananii, Isas ni simatu turan. Dhuguma, ni taasisu ture. Garuu Inni miidhagina akkasii kanaan hin dhufne, garuu Inni yeroo hundumaa miidhagina amalaatiin dhufa. Achitti, Kiristoos miidhagaa, guddaa, cimaa, Nama jabaa hin turre. Waaqayyo waan akkasii hin filatu.

181 Yeroo tokko raajiin tokko mooticha—fudhachuuf ol ba'e nan yaadadha, ijoollee Isseey keessaa mootii gochuuf, mootii biraa, bakka Saa'ool buusuufi dha. Kanaafis Isseey, isa guddaa, jabaa, mucaa isa bareedaa fide. Inni akkas jedhe, "Gonfoon mataa isaa irraa, sirrii ta'ee mul'ata."

182 Raajichi zayita isa irratti dhangalaasuuf deeme. Inni, "Waaqayyo isa dideera," jedhe. Achiis hamma namni xiqqaan tokko, bilchaataa gateettiin-gadi jedhee, fi diimaa-fakkaatu dhufutti, Inni isaan hundumaa ni dide. Innis zayiticha isarratti dhangalaasee, akkas jedhe, "Waaqayyo isa filate." Argitanii? Nuyi bifa ilaallee filanna. Waaqayyo amalaan filata.

183 Amalli, amalli akka Yesus Kiristoos takkaa hin jiru. Inni isin keessa jiraata Isas ni mul'isa. Dhugaa ta'uu isaa ni argina. Misirroo Isaa kan hawwatu bareedina Isaa addunyaa miti. Amala Isaa ti, amala Waldaa, kan Yesus barbaadu; bakka gamoon gurguddaa, bakka dhaabbilee amantii gurguddoo, fi bakka miseensonni baay'ee jiranis miti. Namoonni lamas ta'anii sadiis bakka walitti qabamanitti akka argamu waadaa galeera. Dhugaa dha. Amanaa dhugaan abdii isaa kan irra kaa'atu achitti, Dubbii Waaqayyoo Dhugaa sana keessatti kan

mirkanaa'uu irratti, waan jiru. Dubbii Isaatiin filadhaa malee, garee addunyaa-jaallatuun miti. Isaan waan sana ni jibbu.

184 Isheen Isa irra hiikamuutti nama hin ajaa'ibu, sababni isaas mul'anni Isaa ishee miliqeera, isheenis isa hin qabdu. Akkaata isheen gootu fi taatu, waan biyya lafaa kana immoo hammam akka isheen qabdu, Inni dhimma ishee hin qabu.

185 Inni amala ishee, amala Kiristoos barbaadaa jira. Amma, yeroo muraasa qofa amma. Kanuma. Inni amala Isaa calaqqisiisuuf Misirroo filata. yeroo har'aa kan jiran waldaawwan ammayyaa ta'an dhugumatti sagantaan Isaa—Isaa maayiloota miliyoona ta'an, isaan jala darba, 'sababni isaas *Kun* Dhugaa ta'uu isaa ni haalu. Maarree akkamitti ta'uu danda'a? Amma, Inni guyyaa Misirroon sun itti uumamtu eegaa jira, Ibroota 13:8, sirriitti akkuma Inni ture, Inni akkasuma ture. Inni foon Isaa tokko, lafee tokko, Hafuura tokko, waan wal fakkaataa tokko ta'uu qaba, qofa sirriitti ijaaramee, achiin booda isaan lamaan sun tokko ta'u. Hanga waldaan sana taatutti, tokko miti. Amalli Isaa, Dubbichaa, bara kanaaf, bocamuu qaba. Isheen dirqama akka Isaatti bocamuu qabdi.

186 Amma, xumura irratti, maaliif wantoota kana akkan jedhe dubbadhee, anis—nan cufa. Halkan biraa, gara sa'aatii sadii ganamaan, hirribaa dammaqeen ture.

187 Gaaffii kana deebisuuf isin keessaa eenyullee nan fudhadha. Maqaa Gooftaatiin waan sirrii hin taane isinitti dubbadhee beekaa? Yeroo hunda sirrii ture. Kanaaf na gargaaraa, Waaqayyo dhugaa ta'uu isaa ni beeka. Addunyaa keessatti, wantoota kumaatamaan dubbataman keessa, namni tokkollee hin jiru, kan Inni dubbate keessaa jechi tokko hafee hin beeku. Yeroo hundumaa guutummaatti ta'eera.

188 Hanga yeroon Fooniksi turetti illee, guyyaa tokko dura, ykn gara waggaa tokkoo dura ture, akkuman isinitti hime waa'ee Ergaa kana—irratti *Firoottan Koo, Sa'a Meeqa Ta'eera?* "Ergamoonni torban achitti akka wal argan," isinitti himeen ture, Chaappaawwan kanas akka banan, isitti himeera. Achittis barruleen *Laayifii* jedhamu waa'ee—kanaa barreesseera, ibiddi guddaan kun dheerina maayilii soddoma, bal'ina maayilii digdamii-torbaan, qilleensa keessa deema jedhee barreesseera. Maal akka ta'e adda baasuu akka hin dandeenye dubbatan; amma iyyuu hin beekan. Galgala kanas namoonni as gamoo kana keessa taa'an, qofa akkuma Inni dubbatetti yeroo sirriitti raawwatu, ana wajjin dhaabbatanii turan. Wantoonni kun akka raawwataman natti hime, innis akkuma jedhametti sirriitti raawwateera. Chaaappaawwan sun akkamitti akka banaman, icciitiiwwan barootaa sun immoo warra haaromsa gaggeessan jalaa kan dhokatee fi kkf, sirriitti natti himeera.

189 Akkamitti, tulluu irra dhaabbatanii turan, namoonni, isaan keessaa sadii ykn afur amma as dhaabatanii jiru, eeyyee, kana

caalaa. Tulluutti yeroo ol baanu, Hafuurri Qulqulluun, "Dhagaa kana ol kaasi" jedhe. Nuti adamoo irra turre. Innis, "Qilleensa irratti isa ol darbadhuu, 'GOOFTAAN AKKAS JEDHA,' jedhi" jedhe. Anis akkasuman godhe. Achi irraa gadi bu'ee bubbeen xiqqoo bubbisu tokko dhufe. "Sa'a digdamii-afur keessatti, harka Waaqayyoo ni argitu," jedheen. Namoonni sun amma as taa'anii jiru.

190 Guyyaa itti aanu, naannoo sa'a kudhaniitti, achi dhaabadheen, akkasin jedhe, "Qophaa'aa. Achi gara konkolaataatti seenaa," veeteraan. Anis, "Wanti tokko ta'uuf jira" jedhe. Sulula guddaa keessatti, samii banaatu jira. Ibiddi naanna'u Waaqa irraa dhufe, Inni qofa hamma danda'u iyyaa, akkasitti keenyanitti rukute. Ani—Isaa gadi dhaabadheen ture. Ani kofiyyaa koo of irraa fudheen, mataa koo qabadhe. Inni anaa olitti gara faana sadii ykn afurii ol dhufe, naannoo keenyaniitii ujummoo boollaa akkasitti kutee, innis ni dho'e. Deebi'ees gara qilleensaatti dhufe, ammas deebi'ee naanna'ee, si'a sadii, gadi bu'e, hanga ciqilee dhibba lamaa, fiixee bosona meskiitotaa illee kutee ture. "Ameen" namoota jedhan, dhageessaniittuu? Isaan yeroo kun ta'u achi turan, argitanii, yeroo sadiis dho'e.

191 Konkolaattotaa fi wantoota kana fakkaatan jalaa yeroo ba'an, deebi'anii dhufuudhaan, "Sun osoo si rukuteera ta'ee, homtuu keetuu hin oolu," jedhan.

192 Anis, "Isa—Inni Isa ture. Inni natti dubbachaa ture" jedheen. Waaqayyo obonboleettiin dubbata. Argitanii? Suuraa irratti kan argitan sun immoo Utubaa Ibiddaa wal fakkaataa ture, achi dhaabatee ture.

Yeroo Inni ol ba'us, "Inni maali," naan jedhan?

Anis isaaniin, "Qarqara Dhihaa galaana irratti Firdiin dhufaa jira" jedheen.

193 Achi irraa guyyaa lammaffaatti, Alaaskaan liqimfamuu eegalte. Argitanii? Achitti, yeroo tokko dho'e, rukuttaa jalqabaa.

194 Kana agarsiisuuf, bakka sanatti, waan tokko gochuu qabdu. Akkuma namichi tokko soogidda okkoteetti naqee, bishaan keessattis gatee, akkas jedhe, "GOOFTAAN AKKAS JEDHA, bishaan mi'aawaa haa ta'u." Ammas kan biraa, Yesus, bisheen fuudhee okkotee keessatti naqee, daadhii wayinii immoo—isa irraa hojjete.

195 Kan bakka bu'u, waan tokko qabaachuu qabdu. Sana ture, gara qillensaatti ol ba'ee akkasumas kan gadi bu'e. Sunis obomboleettii xiqqoon eegale. Sa'aatii digdamii-afur keessatti, Inni tulluu sochoose hamma naannoo sululaa kututti.

196 Reverendii Obbo Bileer as taa'ee, ani amma kallattiidhaan isa ilaalaan jira, inni achi waan tureef ciccitaawwan muraasaa, fi kkf ol kaase. As irratti Teerii Soozmaan, isaan, as kan dhaabbatanii, fi Biilii Pooli dha. Obboloonnis, baay'een isaanii

kan as dhaabatan, isaan keessaa tokko tokko yeroo Inni wanti kun ta'e isa ilaaluuf asitti argamanii turan.

197 Kun asoosaamaa miti. Sun dhugaa dha. Kun bara Macaafa Qulqulluu durii miti. Kun amma. Argitanii? Waaqayyo sunuma yeroo hunda wantoota kana na agarsiise, isaanis qubee tokkoon tokkoon isaanii, sirriitti raawwatamaniiru. Yeroo tokko illee lafa bu'anii hin beekan. Amma ani Isa irratti of jajaan jira.

198 Torbee muraasa dura, mul'ata argaan ture. Ani iddoo olka'aa tokko—irra dhaabadheen ture, dursees Waldaa sana ilaaluufan deeme. Nan hubadhe, fuula koo gara . . . Dhihaatti garagalcheen, karaa *kana* dhaabadheen ture. Karaa *kanaan* immoo gareen dubartoota babbareedoon dhufan turan, Uffata baayyee bareedaa, rifeensa dheeraa dugda duubaan sirreeffamee, harka uffatichaa, fi qomeen sirriitti bareeda. Hundi isaanii sagalee duulaa keessa turan, akkuma, "Loltoonni Kiristaanaa, gara fuul duraatti, gara lolaatti akkuma deman, fannoon Yesus fuul dura isaanii deemaa ture." Yeroo isaan darbanis, dhaabadheen ture, Wanti tokkos achi ture, Hafuura tokko, innis Waaqayyoo ture, "Misirroon kunoo ti," jedhe. Anis ilaaleen, garaan koo gammadaa ture. Isheenis karaa *kanaan* deemte, na duubaanis naannoftee darbite.

199 Yeroo muraasa booda, yeroo isheen karaa *kana* deebitu, Inni, "Amma waldaan ammayyaa gara ilaalcha duraatti ni dhufti" jedhe. Kunoo, waldaan Eeshiyaa as dhufte. Garee xuraa'aa akkana takkaa argee hin beeku.

200 Kunoo waldaaleen biraa, biyyoota addaa addaa dhufan. Isaan jibbisiisoo turan.

201 Anis—kana kanan jedhu, Waaqayyo duratti dhugaa dubbachuun dirqama waanan qabuufi. Yeroo Inni akkas jedhe, "Waldaan Ameerikaa amma kunoo as dhufaa jirti, ilaalchi dursaa ni taasimaafi," yoon tuuta seexanaa argeera ta'e, inni sana ture. Dubartoonni qullaa isaanii turan, haalluun isaa akka gogaa arbaa ture, waan akka daalacha dulloomaa-fakkaatu ture. Isaanis fuul dura isaanitti qabatanii turan, kutaa isa olii irratti homaa hin qaban. Isaanis waan akkanaa hojjechaa turan, sun, ijoolleen kun kanneen—shubbisa as alatti hojjetan kun, konkolaachuu fi wantoota, muuziqaa akka kanaas tapachaa turan. Miss U.S.A yeroo ol baatu argeen, of wallaaluuf xiqqumatu na hafee ture.

202 Amma, kun GOOFTAAN AKKAS JEDHA dha. Tajaajilaa Isaa ta'uu koo yoo amantan, amma na amantu. Addunyaa kana keessatti akkasumaan hin dubbadhu. Kun dhugaa yoo hin taane akkan dubbadhu kan na godhu addunyaa guutuu irra qarshii ga'aan hin jiru.

203 Yeroo isheen dhuftu, jireenya koo keessatti waanan argee-hin beekne waan xuraa'aatu ture. "Waaqayyo, lallabdootas taanee obboloonni keenya Misirroo Siif barbaaduuf hammam

yoo dadhabne iyyuu, kunis waan hunda caaludha," jedheen yaade. Qofa akka wandaboo hulaa tokkootti, *kana* dura isheetti qabattee, isheen qaxxaamuraa turte, kutaa qaama ishee fuul duratti, kutaa qaama ishee gara gadii, akka *kanatti* qabattee, akka ijoollee kanaatti shubbisaa fi naanna'aa turte asitti . . . agarsiisa jibbisiisaa isaan agarsiisanitti, naanna'aa turte. Isheen kun Kiristaanummaa Ameerikaa turte.

204 Gargaarsa Waaqayyootiin, na gargaaraa, fuula Isaatti akkana kan inni fakkaatu. Ani—qofa of wallaaluu . . . Egaleen ture. Akkas jedheen yaade, "Kana hundumaa yaaluun, lallabuunis, amansiisuunis maal koofi?" Tokko tokkoon isaanii rifeensa gaggabaabaa qabu, isaanis akkanatti raafamaa naanna'aas turan, *kana* fuulduratti qabatanii turan. Uumama kanaan ol wanta Ta'e wajjin achi gara ani dhaabadheetti, naanna'anii dhufan. Ani Isa arguu hin danda'u ture. Yeroo Inni natti dubbatu dhaga'uu nan danda'a; naannoo koo ture. Garuu yeroo karaa *kana* naanna'an, *kana* qabatu. Qofa naanna'aas kolfaas ittuma fufaas turan, akka kanatti itti fufaa, fuuldura isaanitti *kana* qabatu.

205 Amma, Argama Isaa dura dhaabadheen, tajaajilaa Isaas ta'e. "Wantoota ani yaale hunda keessaas, wanti ani danda'e kana qofa dhaa?" Akka kanattan yaade, "Waaqayyo, inni maal na fayyadee? Inni maal na fayyadee? Boo'ichi sun hunduu, kadhachuun, amansiisuun, mallattoo gurguddoo fi dinqii fi wantoonni ajaa'ibsiisaan Ati argisiiftes maal na fayyadan. Akkattan achi dhaabadhee boo'es, lallabnis wantootaan booda manatti galee kanan boo'es, inni maal na fayyadee? Sana boodas Siif Misirroof jedhee ani waan akkasii tokko, dhi'eessuun qabaa?"

206 Anis osoon achi dhaabadhee, ilaalaa jiruu, isheen ni darbite. Mee immoo yaadaa kaaraa duuba isheen, qullaa ishee turte, fuuldura isheetti *kana* qabattee, akka kanatti, shubbisa shimmee sirbaa, miilla ishee akka kanatti darbachaa deemti turte. Akkasumas, isheen, oo, gadhiisii turte, akkam akka isheen ta'aa turte, qaamni ishee akkasitti hollachaa ture. Amma ani . . .

207 Akkas jettu, "Inni maal jechuu dha, Obboleessa Biraanhaam?" Ani hin beeku. Ani waanan arge qofan isinitti hima.

208 Yeroo isheen akkasitti bira darbitu, isheen ilaale. Oo, ani ofan wallaale. Anis qofa nan garagale. "Waaqayyo, ani gaabbeera. Amma—ani homaa yaaluun na hin barbaachisu. Qofa dhaabuun qaba," jedheen yaade.

209 Aaddee Kaarl Wiiliyaam, yoo as taa'aa jirta ta'e, yeroo muraasaan dura, abjuun ati natti himte, galgala darbe kan si mudate, kan si rakkisaa jiru sun, inni kanuma. Geggeessaan harka koo keessaa fuudhameera.

210 Sana booda, akkanattan yaade, "Ani—callisee dagachuun danda'a." Ani deemeen ture.

211 Achii, hunduu si'a tokko, deebi'ee dhufuu Isaan dhaga'e. Karaa *kana* karaa naannoo *kanaan* naannoftee Misirrittumti sun immoo dhufte. Kunoo shamarran xixiqqoon sun ammas dhufan, tokkoon tokkoon isaaniis uffata biyya isaanii kan bakka irraa dhufanii uffatanii turan, Akkuma Siwiizarlaandi, Jarmanii, fi kkf, tokkoon tokkoon isaanii uffata akkasii uffatanii, akkuma jalqabaa sana, qofa hundumti isaan rifeensa dheeraa qabu turan. Kunoo isaan deemaa, dhufaas turan. "Loltoonni Kiristaanotaa, akka waan waraana deemaniittii, fuulduratti duulaa turan." Hundi isaanii immoo bakka nuti dhaabannee turre bakka ilaalamuu duraa bira darban, hundi yeroo tokko, iji hunduu kallattii sanaan deeme. Sana booda immoo karaa sanaan naanna'anii, duulaa, itti fufan.

212 Akkuma isaan gara samiitti ol ba'uu jalqabanitti, inni kan biraa tokko immoo fiixee gaara tokko ol ba'ee akka *kanattis*, gadi bu'e.

213 Isaan kun kallattiin gara samiiwwaniitti ol duuluu eegalan. Yeroo isaan gara duulaatti deeman, duuba irratti ijoollee dubaraa laman hubadhe, isaan ijoollee biyya alaa fakkaatu, kan akka Siwiidinii ykn Iswiizarlaand, ykn bakka biraa. Naannawaa isaanii ilaaluu eegalan, Akkasin jedhe . . . Anis, "Kana hin godhinaa! Tarkaanfii sana keessa hin ba'inaa!" Akkas jechaa yoon iyyuu, mul'ata keessa ta'ee, nan dammaqe, achi dhaabadhee harka koo akka *sana* godheen ture. Akkasittin yaade, "Tole . . . "

214 Galgala kana, waanan qabu dubbachuun koo kanaafi. Gaaffii tokkon isin gaafachuu barbaada. Kan nuti yaannuun olitti tureeraa? Duruma iyyuu Isheen waamamtee filatamtees, chaappeffamteetti ta'aa? Akkas taanaan wanti dabalamu tokko hin jiru, ni beektu. Kun ta'uu danda'aa? Oo, eeyyee. Oo, eeyyee.

215 Yeroo darbe ciree irratti, waanan dubbadhe yaadadhaa, Dhiirri fi dubartiin iddoon itti wal horan daakuu abaaboo keessatti, sanyiin miliyoonota tokko ni ba'u, hanqaaquu miliyoonota ta'antu ba'u. Garuu isaan keessaa tokko qofatu jiraata, ta'us, ammallee, hundi isaanii wal fakkaatu: Miliyoona keessaa tokko. Hundi isaanii, hanqaaquu fi sanyii walfakkaataa qabu. Isaan keessaa tokkotu jiraata, kanneen hafan ni du'u.

216 Hanqaaquun bilchaate isa kam akka ta'e eenyullee adda baasuu hin danda'u, oo, waa'ee isaa. Waaqayyo murteessuu qaba, dhiira ykn durba, rifeensa keelloo ykn bunnii, ykn waanuma fedhe haa ta'u. Sana Waaqayyotu murteessa. Kan dursee wal arge miti, garuu isa Waaqayyo dursee filatedha. Tarii tokko *as* ol dhufa, tokko immoo . . . Hubattaniirtu yoo ta'e, ujummoo yaalii keessatti, yeroo waljjin dhufan arguufi. Ani isa argeera. Waaqayyo kana murteessuu qaba. Tokko, hundi

isaanii, wal fakkaatu, garuu filannooni. Dhaloonni uumamaa filannooni. Waaqayyo miliyoona keessaa tokko filata.

217 Yeroo Isiraa'eel Gibxii keessaa ba'anii, gara biyya kakuutti deeman, isaan gara miliyoona lamaatti siqu turan. Hundi isaanii aarsaa hoolaa wal fakkaataa jala turan, ta'uu baannaan isaan hin jiraatan ture. Hundumti isaanii raajicha Musee, dhaggeeffatan. Hundumti isaanii Galaana Diimaa keessatti, isaan cuuphaman. Tokko tokkoon isaanii, dubartoonni Maariyaam waliin shubbisan, olii-fi-gadi (yeroo sana) shubbisaa turan qarqara galaanaatti, yeroo Waaqayyo diina balleesse. Hundumti isaanii Musee wajjin dhaabatanii, Hafuuran yeroo inni faarfatus dhaga'aniiru. Isaan, hundi isaanii, mannaa Waaqa irraa bu'e, lafa onaa keessaa nyaatu. Manaa haaraa, halkan hundumaa, kan fakkeenya Ergaa ta'e, hundi isaanii isa irraa ni nyaatu. Garuu, miliyoona lama sana keessaa, meeqatu hafe? Lama. Miliyoona tokko keessaa tokko.

218 Galgala kana addunyaa irratti tilmaaman Kiristaanota miliyoona dhibba shan ta'antu jiru, Kaatolikii fi hundumaa. Addunyaa irratti warri amantoota-jedhaman miliyoona dhibba shani dha. Ol Butamuun har'a galgala yoo dhufe, kana jechuun . . . miliyoona tokko keessaa tokko yoo lakkaa'ame dha. Ani akkas hin jedhu. Garuu inni ta'eera osoo ta'ee, namoonni dhibbi shan, sa'aatii digdamii-afur itti fufan keessatti, ni dhabamu. Waa'ee isaa dhageessee hin beektu. Kanneen baay'een akkasitti dhabaman, akkaataa kamiinuu, herregamuu illee hin danda'u.

219 Egaa, fira koo, yeroo Yohaannis Cuuphaan dhufe akkuma ta'e, nu irrattis ta'uu danda'a. Bartoonni illee akkas jedhan, "Caaffatoonni Qullaa'aa maaliif dubbata, ergamoonnii—fi raajonni maaliif dubbatan, maaliif Eliyaas jalqaba dhufee waan hundumaa iddootti deebisuu qaba kan jedhan?"

220 Innis, "Isinittan himaa Eliyaas dursee dhufeera, isinis isa hin beekne" isaaniin jedhe.

221 Guyyoota kana keessaa tokko as teenyee dhiisuu dandeenya, "Osoo rakkinichi hin jalqabin dura waa'een Butamuu hoo?"

"Duraan dursee dhufeera isinis isa hin beekne."

222 Qaamni hundumtuu, chaappeffameera, tokkummaa Isaa sana qofa eegu. Akkas ta'a jechuu koo miti. Akkas akka hin taane nan abdadha. Garuu, hiriyaa, yeroo inni heyyamu . . .

223 Yoo galgala kana, jireenya keenya akka sirreessinu, garaa keenya keessatti dhaga'ame, Waan hojjenne ilaalchisee, akka obboleessa tajaajilaatti, ani isiniin gorsa. ani yeroo jalqabaatiif puulpeetii irratti, kana dubbachuufan jira. Halkan kana, *Kana* irratti, waan biraa irratti, yeroo kamiyyuu, haala kamiin iyyuu, ummata duratti of diriirseera, Sababni isaas walga'ii kana keessatti bilisummaa guddaa argadheera. Raajii Waaqayyoo ta'uu koo yoo amantan, waanan isinitti hime dhaggeeffadhaa.

Yoo shakkiin xiqqoon garaa kee keessa jiraate, battaluma Waaqayyootti deebi'i. Kana godhi.

224 Yeroo tokko qofa dhaabadhaa, namoota. Ibsa mantii keessan—kan tajaajiltan ilaalaa. Waldoota keessan ilaalaa. Inni guutummaatti Dubbii Waaqayyoo irraatii? Ulaagaalee hundumaa guutteettaa? "Ani nama gaarii dha," jedhi. Niqoodeemosis, warri kaanis hundi isaaniiyyuu akkasuma turan. Isaan—gaarii turan. Argitanii? Sun Isa wajjin waan wal qabatu hin qabu.

225 Akkasumas, yaa dubartootaa, daawwitiin akkuma ilaaltan, dubartiin akka gootu Waaqayyo kan barbaadu akka beektan nan barbaada. Daawwitii Waaqayyoon ilaali, amma daawwitii waldaa keen hin ilaalin, daawwitii Waaqayyoon; jireenya kee keessatti, Misirroo Yesus Kiristoos ta'uuf, ga'umsa qabaachuu fi dhabuu kee ilaali.

226 Tajaajiltootaa, akka kanatti yaadaa. *As* irratti, miira nama tokkoo fayyisuuf ni shakkituu? Isin *kana* ni gootu yoo gochuu baattan . . . waldaa keessaa isin ari'atuu? Obboleessa koo jaallatamaa, yoo akka kanatti sitti dhaga'ame, Maqaa Yesuus Kiristoosiin sin akeekkachiisa, ammuma sana irraa baqadhu.

227 Atis, yaa giiftii, Kiristaana ta'uuf ga'umsa si barbaachisu yoo guutuu baatte, maqaaf Kiristaana ta'uu osoo hin taane, garuu garaa keetti, jireenyi kees akka waraqaa ragaa Gaa'elaa Waaqayyootti yoo bocame ta'e, as irratti, akkas ta'uu qaba waan jedhuuf . . .

228 Akkasumas, miseensi waldaa, waldaan kee akka sana yoo ta'uu baate, ga'umsa Dubbii Isaa kan Waaqayyoo guutuu hin dandeessu yoo ta'e, ishee keessaa ba'iitii gara Kiristoositti seeni.

229 Sun of eeggannoo ulfaataa dha. Nuti yeroo akkamii akka ta'e hin beeknu, atis yeroo isaa hin beektu, guyyaa tokko magaalaan kun galaana kana jalatti akka dhidhimuuf jirtu hin beektu.

230 "Oo, yaa Qifirnaahoom," jedhe Yesus, "ati gara samiitti ol ol jetteetta, matumaa gara si'oolitti gadi buuta. sababni isaas, hojiiwwan gurguddoon si keessatti hojjetaman Sodoom fi Gomoraatti hojjetamaniiru osoo ta'ee, hamma har'aatti ni jiraatu ture." Akkasumas Sodoom, Gomoraan gadi fageenya Galaana Diimaa keessa ciisaniiru. Qifirnahoom illee gadi fageenya galaanaa keessa ciiseera.

231 Ati, magaalaa Ergamootaa jettee kan of waamtu, gara samiitti kan ol ol of qabde, waan xuraa'aas, wantoota balfa ta'an kan faashinii fi wantoota hundumaa kan ergite, hanga biyyoonni alaa illee dhufanii xurii keenya fuudhanii ergatanitti, gara waldoolee keessanii gaarii fi gamoo ol dheeraa kaatediraalaa fi kkf, akkuma gootanitti. Yaadadhu, kunoo guyyaa tokko gadi fageenya galaanaa keessatti liqimfamta, amma burqaan ibiddaa guddaan si jala jira. Dheekkamsi Waaqayyoo si jalaa boba'aa jira. Hamma yoomitti Inni suphee naannoo sana

jiraachisaa? Yeroo, ciisaan bishaan gamaa, maayilii tokko gadi fagaatu, inni sigigaatee, gara Galaana Saaltoon irratti gadi kufe. Guyyoota dhumaa Paampee irra kan sitti hammaatu ta'a. Qalbii diddiirradhu, Los Anjalas.

232 Hundi keessan, qalbii diddiirradhaa, gara Waaqayyoottis deebi'aa. Yeroon dheekkamsa Isaa lafa irra dhufeera. Yeroon baqachuu osoo jiruu baqadhaa, gara Kiristoosittis koottaa.

Haa kadhannu.

233 Waaqayyo Jaalatamaa, hafuurri koo, ni hoollata, garaan koo imimmaan akeekkachiisaa dhangalaasa. Kenni, Yaa Gooftaa, dubartoonni fi dhiironni waanan dubbadhe akka qoosaatti akka hin yaanne, warri waldaas akka loogiitti ykn akkan isaaniin mormuutti akka hin ilaallen si kadhadha. Jaalalaan ilaaluun, Gooftaa, isaaniif haa ta'u.

234 Seenaa naaf galmeessita, Waaqa Danda'aa, qarqara galaanaa kana olii-fi-gadi akkan deeme, waggaa waggaadhaan, Dubbii Kee labsaa ture. Naaf mirkaneessi, Yaa Waaqayyo, galgala kanas yoo ta'e, ani Dhugicha dubbadheeraa. Mul'anni Misirroo kun Dhugaa akka ta'e ni beekta. Gooftaa, Maqaa Kee fudhadheera, GOOFTAAN AKKAS JEDHA jedhee dubbadheera. Gooftaa, waan ani hojjechaa jiru beekee, akkan hojjechaa jiru nan hubadha.

235 Kanaaf, Waaqayyo, Maqaa Yesuusiin Sin kadhadha, galgala kana, akka jabaatan taasisi, dheekkamsa dhufu jalaas akka baqatan, sababni isaas sabootaa fi balbaloota Ikaabood irrattis barreeffameera. Mallattoon gurraachi isa gubbaatti mul'ateera. Hafuurri Waaqayyoo sababa kanaaf isa irraa fagaatee gadda, isaanis madaallii keessatti madaalamanii hir'ataniiru. Ayyaanni Mootii Nebukadnezaar ammas irra deebi'ee jira, affeerraa machaa'anii dubartoota uffata gabaabaa uffatan, Kiristaana kan ofiin jedhanii wajjin.

236 Yaa Waaqayyoo Waaqa irraa, galgala kana, addunyaa cubbamaa fi namoota cubbamootatti araarami, Gooftaa. Waaqayyoo, badiisa irra dhaabadhee araara Waaqumma gaafachuuf yaalaan jira, galgala kana saba kanatti Ati akka dubbatu Misirroo Kees akka xiyyeeffachiiftu, Gooftaa, sagalee Wangeela Gooftaa Yesus Kiristoosiin malee, mallattoo ibsa amantii kamiinuudhaan duuluu miti. Kenni, Yaa Waaqayyo. Akka Ati Waaqa dhugaa taate, Dubbiin Kees Dhugaa akka ta'e, galgala kana, haa beekamu. Yeroo, namoota kana duratti, kabajaan, Dubbii Keef xiyyeeffannoo akka kennan isaan waamna.

237 Gooftaa, Maqaa Yesus Kiristoosiin, isaaniif nan kadhadha. Isaan, shakkii tokko malee, Ati tuuta isaanii keessa deemtee waan garaa isaanii keessa jiru itti himtu arganiiru. Gooftaa, amma, sun, maaltu akka ta'aa jiru, Ati beekta. Yaa Waaqayyo, kun Dhugaa ta'uu isaa Ati beekta. Maqaa Yesusiin, Sin

kadhadha, Hafuurri Qulqulluun deebi'ee nuuf haa kadhatu, Gooftaa, waltajjii kana keessaa, Macaafa Jireenyaa Hoolichaa irratti barreeffaman baasi, Gooftaa. Nuuf kenni, Yaa Waaqayyo. Garaa guutuun nan kadhadha.

238 Namoonni kun, Gooftaa, Ergaa deeggaruuf, saantima isaanii isa dhumaa qaban illee naaf haa kennan. Waan danda'an hunda haa godhan. Garuu, Yaa Waaqayyoo koo, Isa kana fakkaachutti yeroo dhufnu, gara Isaattis yeroo dhi'aannu, Waaqayyoo, akka Ati isaan badhaaftuu Hafuura Qulqulluu Kees walga'ii kana irratti akka dhangalaaftu, galgala kana nan kadhadha. Akkasumas bashannanuu fi naanna'anii utaaluu hin ta'in, garuu boo'ichaa fi iyyaan, qalbii diddiirrannaa nuuf haa ta'u, gaanfa iddoo aarsaa qabannee, firdii nu jalaa gulufu osoo arginu, halkan kana. Kenni, Waaqayyo. Garraamummaadhaan hangan beeku nan kadhadha, Maqaa Yesus Kiristoosiin.

239 Obboleessa koo, obboleettii koo, ani—kana caala maal akkan jedhu hin beeku, yoo isin biratti ayyaana argadhe, humna Waaqayyoon, raajii Isaa ta'uu koo yoo amantan. Namoota duratti kana dubbachuun koo yeroo jalqabaa ti. Garuu akeekkachiisa addaa tokkotu natti dhaga'ama. Ani nama akkanaa miti. Ani akkan hin taane beekta. Ani akkasitti hin godhu. Ani Ergaa sanaa fi wantoota sana dubbachuu sodaadheen ture. Ani kana dubbachuu irraa of eeguuf, yeroo baay'ee dhokachaan ture. Garuu Inni dubbatee ture, Guyyaa Firdii akkan Dhugaa dubbadhe, akka ragaatti sana Inni ni dhaabbata. Sunis WAAQAYYO GOOFTAAN AKKAS JEDHA dha!

240 Oo, Pheenxeqoosxee, lubbuu keef baqadhu. Gara gaanfa iddoo aarsaatti baqadhaa iyyaas, osoo inni hin dukkanaa'in, Sa'aatiin tokko ni dhufa yeroo boo'uu dandeessu garuu faayidaa tokkollee hin qabu. Esaawuu mirga angafummaa isaa, argachuu barbaade, garuu argachuu hin dandeenye. Kaaliifoorniyaa, oo, siif waadaan gala. Oo, isinis Namoonni Fuul Goospeel konveenshiinii, kan ani jaalladhu, kan ani dhiisee itti hidhame, garaa koo guutuudhaan, Yesus Kiristoositti sin dabarsa, galgala kana. Gara Isaati baqadhaa! Seexanni gonkumaa Kana irraa akka isin qorrisiisu hin eeyyaminaaf. Hundumti keessan, hanga Hafuura Qulqulluun guutamtanitti, Isa wajjin cichaa, kunis kan gara Sagalee kanaatti, kan isin fidu dha, sun immoo dubartoonni akka sirrattan godha, sun dhiironni akka sirrattan godha. Isin Hafuura Qulqulluu argadheera jettanii, Dubbicha wajjinis yoo waliif galuu baattan, isin keessa hafuura biraatu jira. Hafuurri Waaqayyoo Sagalee Isaa, Masihii, Sagalee dibame irra jira. Misirroon Masiihicha ta'uu qabdi, Sagalee dibame.

241 Maqaa Gooftaa Yesusiin, miila keenyaan kaanee haa dhaabbannu. Ammas sagalee koo hin dhageessan yoo ta'e. . . Garuu, fedha Waaqayyoon, sa'aatii muraasa booda gara Afrikaa nan deema. Deebi'uu hin danda'u. Ani hin beeku. Garuu

isinittan hima, garaa koo guutudhaan, ani Dhugicha isinitti himeera. Waan Waaqayyo natti hime hunda isinitti labsuu irraa hin fagaanne. Ani immoo Maqaa Gooftaan Isa dubbadheera.

242 Kun yeroo murteessaa dha. Isa kana akkaataan itti ibsu hin beeku. Ani yeroo sadii ykn afur gara waltajjiitti ba'uuf yaaleera, ani immoo isa gochuu hin dandeenye. Kun yeroo murteessa dha. Yoomiyyuu hin dagatinaa. Tarii, kun yeroo Waaqayyo waamicha Isaa dhumaa, itti godhu ta'uu danda'a. Ani hin beeku. Guyyaa tokko, Inni waamicha Isaa isa xumuraa taasisa. Yoom? An hin beeku. Garuu sitti himaan jira, akka mul'ata sanaatti, Misirroon sun xumuramuutti jirti fakkaata.

243 Waldoota dhufaa jiran ilaalaa. Raftee kan turte durbi Zayitii bituu yeroo dhufte, isheen Isa argachuuf hin dandeenye. Misirroon ol seente. Ol Butamuun ol baate. "Yeroo isaan Zayitii bituu deeman, Misirrichi ni dhufe."

244 Raftee jirtaa? Dammaqi, hatattamaan, gara ofii keetti deebi'i. Tokko tokkoon keenya, yeroo kana akka duunutti, Maqaa Gooftaatiin, haa kadhannu. Mee, hundi keenya, karaa ofii keessan haa kadhannu.

245 Waaqayyo hunda Danda'u, araara nuuf godhi. Gooftaa, araara naaf godhi. Hunda keenyaaf araara godhi. Wantoota kana keessatti yoo kufne, waan fedhe haa hojjennu, maal fayyada? Yaa Waaqayyoo, magaalaan kun osoo hin liqimfaminii fi Waaqayyo daangaa galaanaa kana osoo haree hin balleessin, dhaabadheen dhiifama kadhadha. Misirroo Kee akka waamtu, Waaqayyo, nan kadhadha. Amma Maqaa Yesus Kiristoosiin, isaaniin imaanaan Sitti kenna. Ameen. Ameen . . . ? . . . Ani dhugaa isinitti himeera . . . ? . . .

65-0429E Filannoo Missirroo
Hoteela Biltimoor
Loos Aanjeles, Kaalifoorniyaa U.S.A.

OROMO

©2026 VGR, ALL RIGHTS RESERVED

VOICE OF GOD RECORDINGS
P.O. BOX 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.
www.branham.org

Beeksisa mirga waraabbii

Mirgi abbummaa seeraan kan eegamedha. Kitaabni kun akka meeshaa Wangeela Yesuus Kiristoos babal'isuuf gargaarutti, maxxansaa manaatiin maxxanfamuun dhuunfaatti fayyadamuuf ykn kaffaltii malee kennamuu ni danda'a. Kitaabni kun hayyama barreeffamaa ifa ta'e Voice Of God Recordings® malee, gurguramuu, baay'inaan baay'isuu, marsariitii irratti maxxanfamuu, sirna kuusaa keessatti kuufamuu, afaanota birootti hiikuu, ykn maallaqa gaafachuuf itti fayyadamuun hin danda'amu.

Odeeffannoo dabalataaf ykn meeshaalee biroo jiran yoo barbaaddan, maaloo teessoo armaan gadii fayyadamuun nu quunnamaa:

VOICE OF GOD RECORDINGS
P.O. BOX 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.
www.branham.org